



Jilli Doktor Abiyi Ahmadiin durfamu Yaa'ii 5ffaa Sawudii-Afrikaarratti hirmaataa jira

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Jilli Ministira Muummee Doktor Abiyi Ahmadiin durfamu yaa'ii 5ffaa Sawudii-Afrikaa biyya Sawudii Arabiyaa,

Magaalaa Riyaaditti adeemsifamaa jirurratti hirmaachaa jira.

Yaa'ichi dursee adeemsifamuuf karoofamuu sababa walitti bu'iinsa Isiraa'eeliifi Hamaasiin rakkoo nageenyaa Gaazaatti uumameen

kaleessatti darbeera. Yaa'icharratti Sawudii Arabiyaafi biyyootni Afrikaa jijjiirama dinagdee, madda anniisaa haaraa, damee investimantii, tasgabii nageenyaafi

Gara fuula 15tti



“Ulaa galaanaa qabaachuun Itoophiyaa qofa utuu hintaane biyyoota ollaashees ni fayyada”

- Doktor Maatiwos Hinsarmuu

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) dhiyeenya kana dhimma Itoophiyaan ulaa galaanaa qabaachuu qabdi jedhurratti miseensota Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataaf ibsa bal'aa kennuunsanii ni yaadatama. Dhimmichis karaa nagaa, marii, dippilomaasiifi seera galaana addunyaa hordofeen ilaalamu akka qabus eeraniiru.

Qo'annoo Mootummoota Gamtoomanii eeruun akka ibsanitti, guddina waliigala biyya tokkoo keessaa %25-30 kan ta'u ulaa galaanaarratti hundaa'a. Gaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa qabaachuuf dhiyeessaa jirtus



dhimma dinagdee biyyattiitiin walqabata. Kanaafuu biyyattiin bittaadhaanis ta'e liiziidhaan ulaa galaanaa argachuu qabdi.

Itoophiyaan biyya galaanatti dhiyoo jirtu taatee ulaa galaanaa dhabuu hiqabdu.

Pirezdaantii Ittaanaan Yunivarsitii Finfinnee Pirofeesara Gargaaraa Doktor Maatiwos Hinsarmuu gaafdeebii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, Itoophiyaan erga gaaffii ulaa galaanaa dhiyeessuu eegaltee bubbulteetti.

Waggaa shan dura 'Tarsiimoon Lojistiksi Biyyaalessaa' Ministira Muummee Doktor Abiyiin Mana Maree Ministeerotaaf dhiyaatee mirkanaa'eera. Dhimmi ulaa galaanaas tarsiimicha keessatti ka'eera. Biyyattiin ulaa galaanaa guddinashee gitu argachuu akka qabdu eerameera.

Tarsiimichi ba'ee waggaa lama booda ammoo

Gara fuula 15tti



“Sirni ittigaafatamummaa diriiruu baannaan firiin qormaata bara dhufuu kan baranaa gad ta'uu mala”

- Pirofeesar Hambisaa Qana'aa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Firii qormaata kutaa 12ffaa bara 2015 galmaa'eef sirni ittigaafatamummaa jabaan diriiruu baannaan kan bara dhufuu kan baranaa gad ta'uu agarsiistuuwwan hedduun jiraachuu Yuunivarsiitii Finfinneetti, Hayyuun Barnoota Waliigalaa Pirofeesar Hambisaa Qana'aa ibsan.

Pirofeesar Hambisaan ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka jedhanitti, qulqullinni barnootaa rakkoo hamaa keessa jiraachuuf firiin qormaata kutaa 12ffaa waggoota lamaan darbanii agarsiistuu tokko. Rakkiniichi kan qooda fudhattoota

Gara fuula 15tti

Indastiraalaayizeeshiniin misooma dinagdee biyyaa keessatti qooda murteessaa qaba

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Indastiraalaayizeeshiniin misooma dinagdee biyya tokkoo keessatti qooda murteessaa qaba jechuun Pirezidaantiin Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ibsan.

Pirezidaantichi Obbo Shimallis Abdiisaa ergaa karaa miidiyaa hawaasummaasaanii



Gara fuula 15tti

ODUU



Obbo Dastaa Dinqaa ibsa

Marii biyyaalessaa caalaatti milkeessuuf qaamoleen hundi hirmaachuu qabu

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Marii biyyaalessaa caalaatti milkeessuuf murnoota meeshaa waraanaa hidhatanii bosona jiran dabalatee qaamolee hunda hirmaachisuun murteessaa ta'uu Manni Maree Waloo Paartilee Siyaasaa Itoophiyaa beeksise.

Walittiqaabaan mana marichaa Obbo Dastaa Dinqaa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, murnoota maqaalee adda addaatiin karaa seeraan alaa socho'an dabalatee qaamoleen dhimmi ijaarsa Itoophiyaa na ilaallata jedhan hundi marii biyyaalessaarratti hirmaachuu qabu.

Murni hidhannoo filannoosaa taasisee hidhatee socho'u fedhaafi gaaffii matasaa qaba kan jedhan Obbo Dastaa, deebii argachuuf jecha gagaa'ama lubbuu lammiilee, mancaatii qabeenyaaa, dhiittaa mirga dhala namaafi buqqaatii uumamu hubatee kallattii sochiisaa afaan qawweerraa gara yaadaan qabsaa'uutti naannessuu akka qabus hubachiisaniiru.

Itoophiyaan baroota keessatti biyya waldhabdeen irra deddebiidhaan itti uumamaa tureefi jirtuudha jedhanii, akkaataan hundeeffama biyyattii, yeroo hunda jijjiirraan sirnaa kan gaggeeffamu fincila ummataatiin ta'uufi dhiphachuun dirree dimokraasiifaa sababoota dhabiinsa nageenyaa ta'uu ibsaniiru.

Waldhabdeewwan mul'atan furuuf sirnoota darbanitti mariin biyyaalessaa akka taasifamu paartileen siyaasaa gaafachaa turaniille mootummootni dhimmichaa iddoo kennuu dhabuurraa kan ka'e alaabaa, heeraafi sirna mootummaafaa dabalatee dhimmoota falmisiisoo hedduurratti waan mariidhaan waliingalleef biyyattiin raafama siyaasaatiin beekanti jechuun yaadachiisaniiru.

Irracaalaan miseensota mana maree paartilee siyaasaa marii biyyaalessaa nideeggaru kan jedhan Obbo Dastaa, Labsii Hundeeffama Komishinii Marii Biyyaalessaarraa kaasee dhimmoota marichaan walqabatanirratti hirmaachaa jiraachuu ibsaniiru.

Itoophiyaan biyya amantii ta'uunshee, saboonniifi sablammootni biyyattii maloota waldhabdee ittiin furan qabaachuun, irracaalaan paartilee siyaasaa maricha deeggaruuf fedhii qabachuunsaniifi maricha ilaalchisee fedhiin hawaasa idiladdunyaa bira jiru milkaa'ina marichaatiif carraalee gaarii jiraniidha.

"Mootummaanis marii biyyaalessaa yeroo bitachuuf qofa ittifayyadamuu hinqabu. Dhaabbileen miidiyaafi siivikii, jaarimiyaaleen hawaasaafi paartileen siyaasaa maricha bu'aaqabeessa taasisuuf kutannoodhaan hojjechuu qabu" jedhan.

Maricha bu'aaqabeessa taasisuuf walamantaan mootummaafi ummata gidduu, paartii siyaasaafi paartii siyaasaa gidduu akkasumas mootummaafi paartilee siyaasaa gidduu jiraachuu qabas jedhaniiru.

"Sirna Obbo Mallas keessa waa'ee ulaa galaanaa kaasuun hanga nama ajjeesisuutti geessa ture"

- Doktor Aragaawii Barihee

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Sirna mootummaa Obbo Mallas Zeenaawii keessa dhimma ulaa galaanaa kaasuun hanga nama ajjeesisuutti kan geessu ta'uu Hayyuun siyaasaafi Daarektarii Mana Maree Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa Ijaarsa Hidha Laga Abbayyaa Doktor Aragaawii Barihee ibsan. Barfatus gaafichi gaaffii sirrii yoomiyyuu ka'uunsaa hinoolleedhas jedhan.

Doktor Aragaawiiin Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, dhimmi ulaa galaanaa kan barfate fakkaatus ummatni Itoophiyaas ta'e hayyootni Itoophiyaa gaaffii ulaa galaanaa kaasuurraa duubatti jedhanii hinbeekan. Ta'us Obbo Mallas gaaffiin ulaa galaanaa akka hinkaaneef qoqqobbii hamaa buusuurra darbee hayyootni gaafficha kaasan ajjeechaa lubbuufuu akka adamfaman taasisaa turaniiru.

Biyyi guddoon ulaa galaanaa malee jiraachuun rakkoo guddaa ta'ee osoo jiruu Obbo Mallas garuu maqaa, "Waraanatti nu galchuuf, ummata waraanaaf kakaastu" jedhuun namoota gaaffii kaasan dararaa turuu yaadachiisani; Doktor Abiyyi garuu gaaffii laphee ummataa keessa barootaaf awwaalamee ture san ifa baasusaanii dubbataniiru.



Akka isaan jedhanitti, dubbiin ulaa galaanaa ajandaa guddaa marii ummataa barbaaduudha. Hawaasni sadarkaan jiru Itoophiyaan ulaa galaanaa malee jiraachuun guddina egereef rakkoo cimaa ta'uu hubachuu qaba. Mootummaanis dhimma kana milkeessuuf waraanaan ala filmaatawwan jiran hunda daguugee fayyadamuutu irraa eegama. Qaamolee ummata waraanaaf kakaasaniifi walshakkii biyyoota lameenii uumuuf wixirfatan ammoo adaba qabsiisuun barbaachisaa ta'uus hubachiisaniiru.

Weerartoota Xaaliyaaniitu ummata tokko biyya

lama taasise malee ummatni Itoophiyaafi Eertiraa ummattoota tokko kan jedhan Doktor Aragaawiiin; hundaa ol, har'a bakkuma jiranitti qajeelfama kennanii fudhachuun waliin misoomuu Ministirri Muummee Doktor Abiyyi ifoomsan fayyadamummaa haqaqabeessaafi obbolummaa kan mirkaneessu ta'uu ibsaniiru.

Naannawaan galaana diimaa daldalaafis ta'e olaantummaa siyaasaatiif xiyyeeffannoo addaa biyyoota guddatanii ta'uunsaa bubbuleera jedhanii; Itoophiyaafi Eertiraan hidda dhiigaa obbolummaan dabaalametti fayyadamuun yoo waliin misoomuuf of qopheessan malee afaan biyyoota lachuu waljala dabarsuuf fedhii qabaachuu akka danda'an himaniiru.

Itoophiyaan hidha Laga Abbayyaa kan ijaaraa jirtu dantaa dhuunfaasheef qofa osoo hintaane kan biyyoota yaa'a lagichaa maraaf ta'uu himanii; walhubannaan jiraannaan lafa qonnaa bal'aa biyyootni yaa'a lagichaa qaban waliin misoomsuuf ofirra darbanii addunyaafuu bu'aa akka ta'an ibsaniiru.

Herrega kanaan Eertiraanis ulaa galaanaatiin kiilomeetira 1000 qabaachuu qofaan guddina addaa galmeessisuu waan hindandeenyeef Itoophiyaa waliin hojjechuun fayyadamummaashee mirkaneessas jedhaniiru.

"Ilaalcha garagaraa qabaannus akka Oromootti biyyaafi eenyummaadhaan tokko"

- Obbo Mulaatuu Gammachuu


Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ilaalcha siyaasaa garaagaraa qabaannus akka Oromootti biyyaafi eenyummaa tokko waan qabnuuf rakkoo keessoo waloon furachuun dirqama ta'uu Miseensi Koree Raawwachiiftuu Kongirasii Federaalawaa Oromoo (KFO) Obbo Mulaatuu Gammachuu ibsan.

Obbo Mulaatuu Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, sababa garaagarummaa ilaalcha siyaasaa hayyoota Oromoottiin Oromiyaan rakkoo walxaxaatti galtee hunda gatii kaffalchiisaa jira. Dararamni rakkiniichaan qaqqabe darbees aarsaan lubbuu kaffalame akka salphaatti waan ilaalamu miti. Kaanis qaala'iinsa jireenyaa rakkoon nageenyaa uumeen dararamaa jira.

Akka isaan jedhanitti, Oromoon boqotee nagaa haa argatu malee sabaaf jecha maalumaa dhiisuuf of qopheessuun dirqama. Qonnaan bulaan rakkoo nageenyaatiif hojjetee jiraachuu dadhabee iddoowwan tokko tokkotti gargaarurraa gargaarsa barbaaduuf saaxilameera. Kutaa biyyaa deemanii fira dubbisuun, nama du'e awwaallachuun erga rakkoo ta'ee bubbuleera. Osoo haalli mijataan jiraates taarifni konkolaataa rakkoodhuma kanaan walqabatee dabaleera. Kun nama biyyaafi eenyummaa waloo qabu hundatti dhaga'amuu qaba.

Yeroo ammaa Oromoon bakkawwan sadii jiraachuu kaasanii, inni tokko Oromoon bilisa ba'uusaa, inni kaan Oromoon bilisoomuuf daandii walakkaa ga'uusaa yommuu kaasu kaan ammoo Oromoon ammayyuu bilisoomuuf akka manaa hinkaanetti dubbataa akka jiru



eeraniiru. Kanaafuu, saba yaadaan bakkawwan sadii dhaabbate kana gara tokkotti fiduuf mariin furmaata ta'uus dubbaniiru.

Rakkoon nageenyaa waggoota shan dura Qellem Wallaggaatti uumame godinaalee Oromiyaa tokko tokkotti ce'uu bira taree naannolee Tigraayyiif Amaaraatti babal'achuu yaadachiisani; ta'us rakkoon nageenyaa gara kaabaatti mul'ateefi kan naannoo Oromiyaa haalaafi amalaan garaagara ta'uu ibsaniiru.

Seenaadhumaan mufiin Oromiyaafi naannoo biyyattii gara kibbaatti uumamu akka kan warra kaabaa olaantummaa siyaasaa dhuunfachu osoo hintaane dhiittaa mirga namoomaa jalaa ba'uun walqixaa jiraachuufi, kan jedhan Obbo Mulaatuu, hanga kaayyoon qabsoo hayyoota Oromoo dantaa Oromoofi walqixxummaaf ta'etti dhaabbatanii dubbii qalbiidhaan ilaaluun barbaachisaa ta'uu hubachiisaniiru.

Oromoon aadaa marii gabbataa kaaniifuu, ga'u kan warra gumaallee itti araarsu qabaachuu yaadachiisani, rakkoon keessoo mariin yayyabamuu baannaan akkuma kaleessaa dhiigaan dhiqachuura darbee akkuma sabaattuu egeree abdachiisaa akka hinqabnes eeraniiru.

Naannichi bara Bajataa 2016tti kombaayinaroota 200 dhiyeessuuf karoofate

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoon Oromiyaa bara bajataa 2016f kombaayinaroota 200 dhiyeessuuf karoofachuu Biiron Qonna Oromiyaa beeksise.

Hogganaa Ittaanaa biirichaa Obbo Bariisoo Fayyisoo ibsa Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, omishaafi omishtummaa qonnaa dabaluu qophii oyruurraa eegalee sadarkaan ittifayyadamaa maashinari daran murteessaadha.

Erga omishni qonnaa gahee boodas qixa sirriin maashinaroota qonnaa fayyadamuu dhabuurraan kan ka'e qisaasa'iinsa uumamuun omishtummaan qonnaa ni xinnaata jedhanii, qisaasa'iinsa sassaabbii omishaarratti mul'atu hir'isuuf biirichi qonnaan bultootni akka maashinaroota fayyadamaan gochaa jira jedhaniiru.

Kanaafis biirichi maashinaroota dhiyeessuurratti xiyyeeffannoodhaan hojjechaa jiraachuu dubbatanii, hanga ammaattis kombaayinarootni 500 naannichi qabu hojiirra jiraachuu ibsaniiru.

Qonnaan bultootni humna qaban kombaayinara dhuunfaasaaniitiin bitatanii akka alaa galchaniif ashuraarraa bilisa gochuun jajjabeeffamaa jiraachuu beeksaniiru. Akka naannichaatti barana kombaayinaroota 200 qonnaan bulaaf dhiyeessuuf karoofameera.

Akka ibsa Obbo Bariisoootti, dhiyeessii kana keessatti qonnaan bultootni humna hinqabnes akka maashinaricha bitaachuuf harka 30

ODUU

Bulchiinsi Magaalaa Shaggar qamadii bonaa lafa hektaara kuma 60 jallisiidhaan misoomsuufi

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bulchiinsi Magaalaa Shaggar bara 2016tti qamadii bonaa lafa hektaara kuma 60 irratti jallisiidhaan misoomsuun callaa kuntaala miliyoona 3.7 ol argachuuf hojjechaa jiraachuu Waajjirri Misooma Jallisii Magaalichaa beeksise.

Ittigaafatamaan waajjirichaa Obbo Abarraa Caalaa ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin, lafa hektaara kuma 160 Magaalaa Shaggar qabu keessaa hektaarii kuma 110 qonnaaf mijataa ta'uu ibsaniiru.

Jiruufi jireenya qonnaan bula magaalichaa jijjiiruuf sochii omisha qamadii eegalameen hanga ammaatti lafti hektaarii kuma tokkoo ol sanyiidhaan uwwifameeras jedhaniiru.

Shaggar magaalaa misooma jallisiif potenshaala guddaa qabuudha kan jedhan Obbo Abarraan; qabeenya bishaan lafa jalaa, bishaan lafarraa, harawwaniifi lageenitiin kan badhaadhe ta'uu dubbataniiru.

Qabeenya kanatti fayyadamuun hojii misooma qonnaa finiisuuf waajjirichi pirojektota jallisii babal'isuufi qonnaan bultoota waldaadhaan gurmeessuun galteewwan



Obbo Abarraa Caalaa

omishaa barbaachisan dhiyeessuun fayyadamoo taasisaa jiraachuu himanii; barana qofa qonnaan bultoota magaalichaa paampiiwwan bishaan harkisu 5000 bitee dhiyeessuuf karoofatee hojjechaa akka jirus ibsaniiru.

Waajjirichi kurmaana 1ffaatti paampiiwwan 1000 qarshii miliyoona 50n bitee dhiyeessuuf Dhaabbata Motoraa Jabduu wajjin

waliigalteerra gahuusaa eeranii, qonnaan bultoota dhibbantaa 10 qusataniif liqii waggaa sadiitiin paampiiwwan raabsuuf karoofachuu beeksaniiru.

Magaalichatti ijaarsi pirojektota jallisii ammayyaa afur guutummaatti xumuramee qonnaan bultoota fayyadaa jiraachuu kan dubbatan Obbo Abarraan, pirojektii tokko ammoo dhiyeenyatti xumursiisuuf tattaafatamaa jira jedhaniiru.

Waajjirichi pirojektota jallisii haaraa sadii qarshii miliyoona 140n ijaarsisuuf hojii qorannoofi dizaayinii xumuree caalbaasii baasuus eeraniiru.

Kanaan dura qonnaan bulaan Shaggar lafa qaburratti waqtii bonaa marga facaasee haamee gurguraa turuu yaadachiisanii; amma garuu qamadii fayyadamummaasaa mirkaneessu omishaa jiraachuu dubbataniiru.

Qamadii qofa osoo hintaane midhaan akaakuuwwan garagaraa, kuduraafi muduraa jallisiitti fayyadamee omishaa jira jedhanii, bakka pirojektii ammayyaa hinjirretti maloota aadaatiin laga jallisuufi bishaan kuusuun hojiileen misoomaa hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.



Obbo Geetinnat Taaddasaa

DhPIfi "The Korean Times" waliin hojjechuuf waliigaltee mallatteessan

Riippoorta Gaazexichaatiin

Finfinnee: Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa (DhPI)fi "The Korean Times" dhimmoota addaddaarratti waliin hojjechuuf kaleessa waliigaltee mallatteessan.

Waliigalticha raawwachiisaa hojii olaanaa DhPI, Obbo Geetinnat Taaddasaa Pirezdaantii "The Korean Times" Oo Yungi Jiin mallatteessaniiru.

Dhaabbatichi seenaa waggoota 82 kan qabu ta'uu Obbo Geetinnat himanii, gaazexoota jahaafi karaa miidiyaa onlaayinii afaanota addaddaatiin odeeffannoowwan biyya keessaafi alaa wajjin gahaa akka jiru dubbataniiru.

DhPI seenaa sanadeessee dhalootaaf dabarsaa kan jiru ta'uus himanii, dhaabbileen lamaan waliin hojjechuunsanii seenaa biyyattii gara sadarkaa olaanaatti ceesisuuf gahee olaanaa qaba jedhaniiru.

Pirezdaantiin "The Korean Times" Oo Yungi Jiin gamasaaniin, "The Korean Times" gaazexaa seenaa waggoota 73 qabudha jedhanii, dhaabbileen lamaan waliin hojjechuunsanii bu'aa olaanaa qaba jedhaniiru.

Kooriyaa Kibbaatti Ambaasaaddarri Itoophiyaa Dasee Dalkee gamasaaniin, dhaabbileen miidiyaa lamaan waliin hojjechuuf waliigaluunsanii muuxannoo goonfataniifi odeeffannoowwan haaraa wal jijjiiruuf carraa gaarii uuma jedhaniiru.

Dhaabbileen miidiyaa lamaan waliigaltee mallatteessuunsanii odeeffannoo walii dabarsuurra darbee odeeffannoowwan hawaasaaf dabarsuu qaban walitti dhiyeenyaan akka hojjetan gargaara jedhaniiru.

Itoophiyaafi Kooriyaa Kibbaa gidduu hariiroon dippiloomaasii waggoota lakkoofsise jiraachuu yaadachiisanii, waliigaltichi walitti dhufeenyicha caalaatti kan cimsu ta'aa jedhaniiru.

Naannoo Amaaraatti sababa rakkoo nageenyaatiin galmeessi barattootaa hingoolabamne

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Bara barnootaa kanatti barattoota miliyoona 6.2 barsiisuuf kan karoofate naannoon Amaaraa sababa rakkoo nageenyaaf barattoota miliyoona 3.5 qofa gabatee barnootaatti deebisu danda'uu Biirron Barnootaa naannichaa beeksise. Bakka nageenyi fooyya'etti galmeessi barattootaa ammayyuu adeemsifamaa jiraachus ibseera.

Hoggantuu Ittaantuun biirichaa Aadde Iyyarus Mangistuu Kamisa darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, godinoota rakkoon nageenyaa hinjirretti barattoota galmeessuun adeemsi baruufi barsiisuu Fulbaana keessa eegalamus, godinaalee rakkoon nageenyaa mudatee turetti galmeessi barattootaa hanga ammaatti ittifufeera. Galmeessi barattootaa kun guyyoota muraasa keessatti xumuramee barnootni dhihootti kan eegalu ta'a.

Barana kitaabilee barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddugeessaa miliyoona 7.4 raabsuuf karoofamee ammaan tana kitaabilee miliyoona afur manneen barnootaaf raabsamuu yaadachiisanii, kitaabileen barnoota sadarkaa sooftikoppiin manneen barnoota barumsa eegalan hunda bira ga'uu ibsaniiru.

Gama biraatiin, Ministeerri Barnootaa



Aadde Iyyarus Mangistuu

kitaabileen barnootaa kutaa 9ffaa akaakuu barnootaa shan kuma 575 ol isaan qaqqabsiisuu himanii, kitaabilee kanneenis yeroo gabaabaa keessatti barataa biraan ga'uuf sochiin eegalu eeraniiru. Kitaabileen barnootaa kutaa 10ffaa hanga 12ffaatti jiran hanga ammaatti akka isaan hinqaqqabneefi yeroo dhiyootti akka isaan qaqqabu itti himamuus dubbataniiru.

Naannichi naannolee waraana Itoophiyaa kaabaatti taasifameen hubaman keessaa tokko yommuu ta'u, sababuma kanaan manneen barnootaa hedduun manca'uufi barattootni rakkoo xinsammuuf saaxilamuu himaniiru. Rakkoo naannichatti mudate waggaa muraasa

keessatti keessaa ba'uun hindanda'amus jedhaniiru. Ta'us manneen barnootaa suphuun barumsi akka eegalamuuf hojiin naannichaafi deeggarsi mootummaa federaalaa olaanaa ta'uu ibsaniiru.

Haaluma kanaan manneen barnootaafi deeggarsi meeshaalee barnootaa sadarkaasaanii kan eeggatan ta'uu baatanis barattootni naannichaa gabatee barnootaarraa fagaachuun rakkoo biroof akka hinsaaxilamne waanuma jirutti fayyadamuun adeemsi baruu barsiisuu raawwatamaa akka jirus himaniiru.

Qabxii qormaata kutaa 12ffaa ilaalchisees, Aadde Iyyarus akka jedhanitti, naannichi rakkoo nageenyaa walxaxaa keessatti barattootaaf qormaata kenneera. Barattoota kuma 210fi 323 qormaata fudhatan keessaa qabxii darbiinsaa kan galmeessisan barattoota kuma saddetiifi 434 (%4.01) qofa.

Qabxiin naannichatti argames qabxii darbiinsaa akka biyyaatti galmaa'een yommuu walbira qabamu fooyya'aa ta'uu kaasanii, akka waliigalaatti garuu kufaatiin mudate rifaasisaa ta'uu dubbatu. Naannichatti qormaataan duras ta'e waqtii qormaataa rakkoon nageenyaa hamaa turuu himanii, duuchaatti garuu qabxii gadaanaan akka biyyaatti galmaa'aa jiru hojiin baroota dheeraaf barnootarratti hojjetame daran lafaa ta'uu mul'isa jedhu.

"Balballi keenya nagayaaf baname hincufamu"

Taammiruu Raggaasaatiin

- Obbo Hayiluu Addunyaa



Finfinnee: Rakkoo nageenyaa Oromiyaatti mul'atu furuuf yoomiyyuu mootummaan naannichaa daandii nagayaa filata, "Harki keenya nagayaaf diriire hinqoolifatu, balballi keenya nagayaaf baname hincufamu" jedhan Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa.

Hogganaan biirichaa Obbo Hayiluu Addunyaa ibsa kaleessa miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Oromiyaatti kurmaana 1ffaa bara bajataa 2016tti tajaajilli lammummaa hojjiin

qarshii biliyoona 40tti tilmaamamu hojjetameera. Kurmaaniichatti manneen barnoota Bu'uura Boruu afur, 199 ijaarsisaanii kan jalqabame yommuu ta'u, ijaarsi manneen barnootaa 2,444 ammoo xumurameera.

Manneen barsiisota sadarkaa 1ffaa 4000 ijaarsisuuf karoofamee 6,053 ijaarsa jalqabsiisuun danda'ameera, manneen 4,052 ammoo ijaarsisaanii guutummaatti xumurameera.

Manneen barnootaatti barattoota miliyoona 7.5f nyaata dhiyeessuuf karoofamee, miliyoona 3.3f dhiyeessuun danda'ameera. Sababa balaa namtolcheefi balaa uumamaatiin namoota rakkoof saaxilamuun miliyoona 1.1f deeggarsi midhaan nyaataa kuntaala kuma 124 taasifameera jedhan.

Naannichaatti qonna gannaa bara 2015/2016n lafa hektaara miiliyoona 8.2 ol misoomsuuf karoofamee miiliyoona 9.4 ol midhaan

Gara fuula 15tti

“Iddoowwan hawwata turistii dagatamanii turan keessaa tokko kan ta’e, Haroon Wancii yaada, “Gabataa Biyyaa” Looretii Nagaa Addunyaafi Ministira Muummee keenya Doktor Abiyyi Ahmadiin jalqabame yeroo ammaa sadarkaa kanarra gaheera.”

- Shimallis Andiisaa, Pirezidaantii BMNO



HOJII IJAARSA PIROJEKTII
IKKOOTUURIZIMII WANCHI DANDII
MINISTEERA MUUMMEE F.D.R.I
KABAJAMOO
DR. ABIYYI AHMADIIN
BITOOTESSA II, 2013 EEGALAME





**Bitaa
elektironiksiifi
faayidaaleesaa**

fuula **10**



**“Yunivarsiitiin Finfinnee
dhimmoota shanan Itoophiyaan
irratti xiyyeeffatee hojjechaa jirtu
milkeessuurratti hojjetaa jira”**

*- Doktor Maatiwos Hinsarmuu
(Pirezdaantii Ittaanaa Yunivarsitii Finfinnee)*

fuula **6**



**Yaadannoo waggaa
1ffaa Doktora Kabajaa
Aartisti Alii Birraa**

fuula **14**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Yunivarsitiin Finfinnee dhimmoota shanan Itoophiyaan irratti xiyyeeffattee hojjechaa jirtu milkeessuurratti hojjetaa jira”

- *Doktar Maatiwos Hinsarmuu*
(Pirezdaantii Ittaanaa Yunivarsitii Finfinnee)

Natsaannat Taaddasaatiin

Keessummaan Bariisaa maxxansa kanaa Pirezdaantii Ittaanaa Yunivarsitii Finfinnee Pirofeesara Gargaaraa Doktor Maatiwos Hinsarmuu yoo ta’an, gaafdeebii isaan waliin dhimmoota ofiin of bulchuu yunivarsitichaa, gaaffii ulaa galaanaa Itoophiyaa akkasumas dhimmoota dinagdee dijitaalawaa, teknolojiifi nageenyaarratti taasifne akka armaan gadiitti dhiyeessineera.

Bariisaa: Bakka dhalootaa, haala barnootaafi muuxannoo hojii keessanii gabaabumatti utuu nuu ibsitanii?

Doktar Maatiwos: Naannoo Oromiyaa, Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Aanaa Horroo, Ganda Burqituu Oborraattin dhaladhe. Barnoota koo sadarkaa Iffaa Mana Barumsaa Haroo-Shooxeettin baradhe. Sadarkaa lammaffaa ammoo Mana Barnootaa Sadarkaa 2ffaa Shaambuuttin baradhe.

Qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaatti qabxii olaanaa fideen bara 1990 Yunivarsitii Finfinnee seenee digiriikoo tokkoffaa Maanaajimantiidhaan eebbifame.

Isa booda Baankii Misoomaa Itoophiyaa damee Jimmaatti mindeeffamee waggaa tokkoof hojjeedhee Yunivarsitii Arbaa Minci kan yeroo sana ‘Water Technology Institute’ jedhamu gale. Yunivarsitichatti waggaa tokkoof barsiisee, erga Muummee Maanaajimantii hundeessinee booda iskoolaarshiippii argadhee bara 1996fi 97 digrii koo lammaffaa Yunivarsitii Finfinneetti baradhee ‘Business Administration’n eebbifame.

Akkuman digrii koo lammaffaa fudhadheen Yunivarsitii Finfinneetti, Kollejii Bizinasiifi Ikonomiksii, ‘School of Commerce’ Muummee ‘Logistics and supply Chain Management’tti mindeeffame.

Yunivarsitichatti ergan barsiisummaan waggoota lamaaf tajaajilee barumsa koo digrii sadaffaa Yunivarsitii Handhira ‘Andhra University’ Indiyaatti argamutti waggoota afuriif baradhee ‘Maanaajimantiin’ eebbifamee Yunivarsitii Finfinneetti deebi’ee hojii koo ittifufe.

Ergan barumsa koo digrii sadaffaa xumuree Yunivarsitii Finfinneetti deebi’ee waggoota afur tajaajilee booda gara sadarkaa Gargaaraa Pirofeesaraatti guddadhee Diinii Kollejii Bizinasiifi Ikonomiksii (Associate Dean for College of Business and Economics) ta’ee waggaa sadiif ergan tajaajilee booda Diinii ‘School of Commerce’ ta’ee waggaa lamaaf tajaajileera. Bara 2009 irraa eegalee ammoo Yunivarsitii Finfinneetti Pirezdaantii Ittaanaa Bulchiinsaafi Dhimma Barattootaa ta’ee waggoota ja’aafi walakkaaf hanga Hagayya bara 2015th tajaajileera.

Erga Yunivarsitiin Finfinnee ofiin of bulchuu jalqabee (Hagayya bara 2015) booda ammoo Pirezdaantii Ittaanaa yunivarsitichaa ta’een tajaajilaa jira. Akkasumas barattoota digrii lammaffaa Mana Barnootaa Hojii Daldalaa (School of Commerce) barsiisaan jira.

Bariisaa: Bu’aan ofiin of bulchuu Yunivarsitii Finfinnee akkamitti ibsama? Rakkoolee akkamiis furuu danda’a?

Doktar Maatiwos: Yunivarsitiin Finfinnee dur yeroo Yunivarsitii Haylasillaasee jedhamee waamamaa ture ofiin of bulchaayyu. Yunivarsitichi yeroo sana chaartarii, boordiifi



Suuri: Iyyoob Tafariitiin

seera mataasaatiin bulaa ture. Yunivarsitichi sirna Dargii keessa Komishinii Barnoota Olaanaa jala galee bu’uura labsii barnoota olaanaatiin akkasumas hanga yeroo dhiyootti Ministeera Barnootaa jala bulaa ture.

Si’ana utuu yunivarsitichi ofiin of bulchuu hineegaliin dura Ministeera Baranootaatu barattoota ramadaafii ture. Dhimmi faayinaansii karaa Ministeera Maallaqaa, dhimmi bittaa karaa Abbaa Taayitaa Bittaa Mootummaafi Horataalee, dhimmi humna namaa ammoo karaa Komishinii Siviil Sarvisii Federaalaa raawwatamaa ture.

Haalli kun kaayyoo, mul’ataafi ergama yunivarsitichaa milkeessuuf mijataa waan hinturreef yeroo darbe yunivarsitoonni hundi akka ofiin of bulchaniif labiidhaan kallattiin kaa’ameera. Bu’uuruma kanaan Yunivarsitiin Finfinnee Adoolessa bara 2015 irraa eegalee yunivarsitii ofiin of bulchuu ta’eera.

Yunivarsitichi erga ofiin of bulchuu jalqabee as mirga barattoota ciccimoo dorgomsiisee simachuu, humna namaa ofiisaatii mindeessuu, guddisuu, mindaafi faayidaa hojjetootaa ofiin murteessuu argateera. Yunivarsitichi qabeenya maallaqaasaarratti hundaa’uun akkuma Baankii Daldala Itoophiyaa, Daandii Qilleensaa Itoophiyaa, Itiyoo Telekomfaa hojjetootasaatiif mindaa dorgomaa gabaarra jiruufi isaa ol ta’e kaffaluuf danda’a.

Yunivarsitichi erga ofiin of bulchuu jalqabee as mirga seeneetiifi caasaasaa hundeeffachuu, qabeenyaasaa bulchuufi seera mataasaa baafachuu argateera. Gidduseentummaa mootummaa malees mirgoota sirnaafi boordii mataasaa hundeeffachuufi maanaajimantii ofiisaa ijaarrachuu argateera; sirna siviil sarviisitiin bulu jalaas ba’eera jechuudha.

Bariisaa: Yunivarsitichi erga ofiin of bulchuu

jalqabee booda haala kamiin barattoota simata?

Doktar Maatiwos: Yunivarsitichi baranaaf akkuma kanaan duraa barattoota Ministeerri Barnootaa ramaduuf simata. Bara 2017 irraa eegalee garuu barattoota ciccimoo dorgomsiisee kan simatu ta’a. Baay’ina barattoota simatuus ofumaaf murteeffata. Barattoonni kaffalanii barataniis ni jiraatu. Barattoota ciccimoo mootummaan bajata ramadeefii iskoolaarshiippiidhaan nutti ergus dorgomsiifnee fudhanna. Kunis mirga yunivarsitichi ofiin of bulchuu erga jalqabee as argateedha.

Bariisaa: Yunivarsitichi bajata ittiin of bulchuu eessaa argata? Madda galiisaa guddisuufis maalla’iratti xiyyeeffata?

Doktar Maatiwos: Barnoonni yunivarsitichi kennuufi qorannoofi qo’annoon adeemsiisu fedhiifi dhimma biyyaa wajjin waan walqabatuuf mootummaan bajata ni ramada. Yunivarsitichis barnootarraa, qorannoofi qo’annoorraa galii mataasaa ni argata. Akkasumas paartinaroota addunyaarra jiran waliin hariiroo uumuufi qorannoowwan gara garaa geggeessuufi bu’aa qorannoo gabaarra oolchuun galii mataasaa argachuu danda’a. Qabeenya qabus kireessuufi sagantaa barnoota galgalaafi torbaniitiinis galii dabalataa ni argata.

Yunivarsitichi akkuma warra dinagdeerratti hojjetanii eeyyama daldalaa baafatee, waajjiraalee daldalaa banatee invastimantii keessa galee dorgomuun galii argata. Fakkeenyaaf Hospitaalli ‘Xiqur Anbassaa’ fayyaarratti damee dhuunfaa banuun wal’aansa biyya alaatti taasifamu asumatti gatii madaalawaan kennuudhaan galii argachuu danda’a.

Damee barnoota injinariingis hojii konistiraakshinii keessa galchuun akka galii

argamsiisu taasisna. Damee barnoota biiznasiis hojii gorsaa keessa galchuun madda galii keenya babal’isuufi guddisuu dandeenya.

Kana malees namoota kanaan dura yunivarsitichatti barataniis sadarkaa olaanaarra jiran, kaampaanii dhuunfaasaanii dhaabbatan, dhaabbilee guguddoo hoggananiifi ministiroota wajjin hariiroo uumnee deeggarsa maallaqaa walirraa hincinne akka taasisan gochuudhaan madda galii guddisuuf ni hojjenna. Galiin gama kamiinuu walitti qabamu deebi’ee barnootaaf oola. Qarshii baasiirraa hafes bajata keessa galchinees sirnaafi qulqullina barnootaa fuuyyessurra oolchina.

Bariisaa: Yunivarsitii Finfinnee dabalatee yunivarsitiwwan Itoophiyaa keessa jiran akka ofiin of bulchuu gochuun rakkoolee ijoo akkamii fura?

Doktar Maatiwos: Yunivarsitiwwan biyyattii hundi waan bajata gahaa hinqabneef ijaarsawwan dabalatee wantoota baruus barsiisuuf barbaachisan gahaa hinqaban. Yunivarsitiin Finfinnee yeroo ammaa barattoota kuma 43 qaba.

Barattoota kanneeniif doormii, nyaata, kutaa barnootaafi wantoonni jiruufi jireenyasaaniif barbaachisan guutuun ammoo bajata guddaa barbaada. Kanaafuu yunivarsitiwwan biyyattii hanqina bajataa, bu’uuraalee misoomaafi wantoota barbaachisoo biroo hedduu qabu. Rakkoon barattoota humnaa ol simachuus tureera.

Yunivarsitoonni waan sirna siviil sarviisitiin bulaa turaniif mindaan barsiisotaas daran gadibu’aadha. Sababuma kanaan hojjettoonni muuxannoo qabaniifi hojii danda’an hedduun hojii gadhisaaniiru. Yunivarsitiwwan waan gidduseentummaa mootummaafi siyaasaarraa bilisa hinturreef pirezdaantoonni yunivarsitii mootummaadhaan ramadamaa turan. Rakkooleen kunneen walitti ida’amanii qulqullina barnootaarratti dhiibbaa uumaa turaniiru.

Yunivarsitiin tokko ofiin of bulchuun caasaa isa gitu hundeeffatee, seera mataasaa baafatee, mindaasaa sirreessee hojjetoota sirriitti hojjechuu danda’an tursiisuufi gabaarraa waamee hojii baruus barsiisuu, qorannoofi qo’annoorratti akka xiyyeeffatan nitaasisa.

Rakkoolee isaan mudataa turan keessaa ba’anii sadarkaa biyyaattis ta’e addunyaatti dorgomaa cimaa akka ta’anis nitaasisa. Akkasumas barattoota sadarkaa biyyaafi addunyaatti dorgomoo ta’an akka horatan, teknoljii akkasumas qorannoofi qo’annoo rakkoolee biyyattii furan baasuufi adeemsiisuurratti xiyyeeffatanii akka hojjetan isaan taasisa.

Bariisaa: Ofiin of bulchuu yunivarsitotaa ilaachisee muuxannoon biyyoota biroo maal fakkaata?

Doktar Maatiwos: Yunivarsittonni biyyoota dhihaa baay’eensaani ofiin of bulchu. Fakkeenyaaf Yunivarsitiin ‘Land Grant’ jedhamu kan ‘USA’tti argamu ofiin of bulcha. Mul’anniifi kaayyoo ijoon yunivarsitichaa haala naannawa ittiragamuu fooyyessuudha. Mootummaan hojii yunivarsitichi raawwatu deeggaruuf bajata gahaa ramadaaf.

Yunivarsitichi bajata mootummaan ramadeefiin

“Yunivarsiitiin Finfinnee dhimmoota...



qorannoofi qo'annoo adeemsisee rakkoolee hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, teknoloji, jijjiirama qilleensaafaa furuurratti xiyyeeffatee hojjeta. Mootummaan bajata yunivarsiitichaa ramade maalitti baafte jedhee hingaafatu; garuu ammoo bu'aa guddaa irraa eega. Mootummaan dhimma yunivarsiitota ofiin of bulchanii keessa hingalu, yunivarsiitonni ofiin of bulchanis deeggarsa ogummaa kennuun ala dhimma mootummaa keessa hingalan.

Yunivarsiitonni Chaayinaafi Eeshiyaa ofiin of bulchan sagantaasaanii dhimmaafi fedhii biyyaarratti hundaa'anii baafatu. Qorannoofi qo'annoosaaniis rakkoolee biyyaasaanii furuurratti xiyyeeffatu.

Fakkeenyaaf Itoophiyaan utubaawwan guddina dinagdee biyyattii mirkaneessan shan (qonna, albuuda, turizimii, maanifaakchariingii, teknoloji) irratti xiyyeeffatee hojjechaa jirti. Yunivarsiitiin Finfinnee erga ofiin of bulchuu jalqabee as sagantaasaa dhimmoota shanan biyyattiin irratti xiyyeeffatee hojjechaa jirtu milkeessuurratti hojjeta jira.

Fandiin yunivarsiitichi walittiqaabuufi qorannoon adeemsisu dhimmoota shanan mootummaan irratti xiyyeeffatee hojjechaa jiru milkeessuuf oola. Kana jechuun dhimmoota biroorratti hinhojjetu jechuu miti.

Yunivarsiitiin Finfinnee yeroo ammaa seera ittiin of bulchu baafachaa jira. Innis boordii yunivarsiitichi hundeeffatuun mirkanaa'ee Ministeera Haqaatti galmeessisuun hojiitti kan seenu ta'a.

Bariisaa: Gaaffii Itoophiyaan ulaa galaanaa qabaachuuf dhiyeessaa jirtu ija seera addunyaatiin akkamitti ilaalama?

Doktar Maatiwos: Gaaffiin Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf dhiyeessaa jirtu gaaffii sirriidha. Dhimmicharratti Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyi Ahmad dhiyeenya kana miseensota Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataaf ibsa bal'aa kennaniiru.

Gaaffiin kun gaaffii bubbuleedha. Waggoota shan dura Tarsiimoon Lojistiksii Biyyaaleessaa Ministira Muummee Doktor Abiyiin Mana Maree Ministeerotaatiif dhiyaatee mirkanaa'eera. Tarsiimicha keessatti dhimmi ulaa galaanaa Itoophiyaa ka'eera. Itoophiyaan ulaa galaanaa guddinashettiin gitu argachuu

akka qabduu tarsiimicha keessatti eerameera.

Tarsiimichi ba'ee waggoota lama booda ammoo Imaammanni Seekara Lojistiksii ba'eera. Itoophiyaan Jibuutii dabalatee ulaawwan galaanaa biroos (karaa Somaaleelaandi Barbaraa, karaa Ertiraa Mitsiwwaafi Asab, karaa Sudaan Poorti Sudaaniifi karaa Keeniyaa Laamuufi Mombaasaa) fayyadamuu akka qabdu imaamatcharratti ibsameera.

Itoophiyaan ulaawwan galaanaa misoomuu danda'an yoo jiraatan Jibuutii, Somaaleelaandiifi Rippablikii Somaaliyaa wajjin misoomsuudhaan waliin ittifayyadamuu akka dandeessu imaamatcharratti ibsameera.

Mootummaan Itoophiyaa gaaffii ulaa galaanaa kana ittikaroorfateefi sanada qopheeffatee tarsiimoofi imaammata baafatee irratti hojjechaa jira. Somaaleelaandi Barbaraa irratti Itoophiyaan ulaa galaanaa hanga sheerii %19tti akka bitattuuf eeyyamteetti. Kana jechuun Itoophiyaan ulaa galaanaa tokko argatteetti jechuudha. Ulaa galaanaatiin walqabatee hariiroo Itiyoo Jibuutiin wajjin qabanis cimtee kan ittifufu ta'a.

Itoophiyaan buufataalee Jibuutii keessa jiran sadiitti fayyadamaa jirti. Kaffaltii Jibuutiin tajaajila buufataalee kanneeniif Itoophiyaa kaffalchiisaa jirtu garuu olaanaadha. Kanaafuu Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuu qabdi. Itoophiyaan biyyoota ollaashee waliin ulaa galaanaa misoomsitee waliin ittifayyadamuuf imaammata baafatee irratti hojjechaa jirti.

Ulaa galaanaa argachuuf filannoon biraa Itoophiyaan qabdu biyyoota ollaarraa ulaa galaanaa fudhattee lafa ulaa galaanaa sanaan walmadaalu kennuufii ykn Daandii Qilleensaa Itoophiyaa, Itiyoo Telekoom, Baankii Daldala Itoophiyaarraa sheerii akka argatan taasisuudha. Itoophiyaan biyyoota ulaa galaanaa qabanirraa sheerii ulaa galaanaa misoomanii bitachuu ykn waliin misoomsitee wajjin ittifayyadamuu dandeessii.

Ulaa galaanaa argachuun Itoophiyaa qofa utuu hintaane biyyoota ollaashees fayyadamoo ni taasisa. Biyyoonni ollaa Itoophiyaaf ulaa galaanaa kennanii Daandii Qilleensaa Itoophiyaa waggoota 80 oliif tajaajila kennaa jiruufi addunyaarratti maqaa guddaa qaburraa sheerii argachuun waan guddaadha. Gaaffiin ulaa galaanaa argachuuf biyyattiin dhiyeessaa jirtu karaa nagaa, mariifi dippilomaasiitiin

deebii kan argatu ta'a.

Seerri Galaana Addunyaa ALA bara 1982 ba'e akka ibsutti, biyyoonni ulaa galaanaa hinqabaanne kamuu karaa biyyoota ulaa galaanaa qabanii mirga ulaa galaanaa argachuu qabu. Seericharratti hundaa'uun Itoophiyaan karaa ulaawwan galaanaa Jibuutii, Asab, Mitsiwwaa, Poorti Sudaan, Laamuu, Mombaasaafi Barbaraa darbuuf mirga qabdi.

Ulaa galaanaa qabaachuun Itoophiyaa qofa osoo hintaane biyyoota biroofis carraa guddaa uuma. Hariiroo biyyattiin biyyoota ollaafi biyyoota biroo waliin qabdu caalaatti cimisa.

Bariisaa: Ulaa galaanaa dhabuun guddina dinagdee Itoophiyaarratti dhiibbaa akkamii qaqqabseera jechuu dandeenya?

Doktar Maatiwos: Ulaa galaanaa dhabuun guddina dinagdee Itoophiyaarratti miidhaa qaba. Guddinni dinagdee biyyattii garuu ulaa galaanaa qabaachuufi dhabuurratti kan hundaa'u miti. Itoophiyaan erga ulaa galaanaa dhabdee booda guddina dinagdee saffisaa (%10) ol galmeessisaa turteetti.

Kun guddinni dinagdeeshee ulaa galaanaa argachuufi dhabuu qofarratti kan hinhundoofne ta'uu agarsiisa. Biyyattiin utuu ulaa galaanaa qabaatee guddinni dinagdeeshee kana caaluu danda'a.

Bariisaa: Dinagdee dijitaalawaa Itoophiyaan hojiirra oolchaa jirtuun bu'aawwan galmaa'aa jiran akkamitti ibsamu?

Doktar Maatiwos: Itoophiyaan Tarsiimoo 'Digital Ethiopia 2025' jedhamu baafatee hojiirra oolchaa jirti. Dijitaalayizeeshiniin kun keessumaa tajaajilarratti faayidaa guddaa qaba. Yeroo ammaa kaffaltiin bittaafi gurgurtaa harki caalu karaa dijitaalawaan raawwatamaa jira. Yeroo ammaa waajjiraaleen mootummaas ta'e dhuunfaa baay'een hojiisaanii dijitaallessaa jiru. Dhaabbileen gara garaas waajjiraalee isaan jala jiran karaa 'online' to'achaafi odeeffannoo barbaachisus walii dabarsaa jiru.

Yeroo ammaa kaffaltiin boba'aa, bittaafi gurgurtaawwan biroon dijitaalaffameera. Kaffaltiin karaa dijitaalawaa ta'een raawwatamaa jirus qarshii guddaadha. Kaffaltiin karaa 'Telebirr, ATM, Mobile Banking, Internet Banking'n raawwatamaa jiru sochii maallaqaa dijitaallessuun sirni bittaafi gurgurtaa, kaffaltii, to'annoofi hordoffii karaa 'online' akka raawwatamu taasisa. Hojiirra oolmaan dinagdee dijitaalawaa Itoophiyaa kun sadarkaa yaadameen oliin deema jira.

Babal'inni teknolojiis guddina dinagdee biyyattii deeggaruu keessatti gumaacha guddaa waan qabuuf mootummaan teknolojiirratti warraaqsa guddaa adeemsaafi bajata guddaa ramadeefii irratti hojjechaa jira.

Bariisaa: Ummanni biyyattii teknoloji biyyattiitti hojiirra oolaa jiru ittifayyadamuurratti maal fakkaata? Hanqina ittifayyadama teknolojiirratti mul'atu guutuuf maaltu ta'uu qaba?

Doktar Maatiwos: Ittifayyadami teknoloji tokko tokko salphaadha. Fakkeenyaaf 'Telebirri' fayyadamanii kaffaltii raawwachuufi qarshii walii erguun daran salphaadha. Baay'ina ummata Itoophiyaa keessaa %65 dargaggoota. Dhaloonni kun carraa teknolojiitti fayyadamuu bal'aa qaba.

Hubannoofi dandheetii gahaa akka qabaatu gochuuf Wiirtuun Leenjii Teknoloojii leenjii kennu jiraachuu qaba. Namoonni barnootarra hinjirres waa'ee ittifayyadama teknoloji karaa gara garaatiin barachuu qabu.

Yeroo ammaa waajjiraaleen siviil sarviisii,

daldalaafi geejjibaa tajaajilasaanii dijitaallessaa jiru. Waajjiraalee biroonis waan adeemsa jiraniif teknolojiitti fayyadamuun dhimma filannoo hinqabneedha. Biyyattiin akkuma teknolojiitti fayyadamuuf tattaaffii guddaa taasisaa jirtu hubannoo namoota teknolojiitti fayyadamanii gabbisuurrattis xiyyeeffatee hojjechuu qabdi.

Teknologiitti fayyadamuun tajaajila qulqullinaafi iftoomina qabuufi yeroo qusatu kennuu keessatti gahee olaanaa qaba. Bajatni guddaan biyyattii hanga %70 ta'us bittaaf oola. Yeroo ammaa waajjiraaleen mootummaa federaalaa hundi bittaa karaa 'online' akka raawwatan ta'eera.

Naannoleen ammoo bara dhufurraa kaasanii gara sirna bittaa 'online' ykn dijitaalawaa kanatti akka seenan ta'eera. Sirna bittaa dijitaallessuun qarshii bittaa walqabatee qisaasamu oolchuu keessattis gahee olaanaa qaba.

Bariisaa: Teknolojiin akkuma faayidaa guddaa qabu xiyyaatus miidhaa waan qabuuf kana akkamiin qolachuun danda'ama?

Doktar Maatiwos: Ittifayyadama teknoloji karaa lama ilaaluu dandeenya. Inni tokko teknoloojii namni tokko qalaqee bitaniifi leenjii fudhatanii ittifayyadamuu yoo ta'u, lammaffaan teknoloojii uumuudha. Ittifayyadama teknoloojii caalaatti mirkaneessuuf ogeessota teknoloojii ciccimoo baay'inaan horachuun barbaachisaadha.

Teknologiin sadarkaalee adda addaa qaba. Fakkeenyaaf sirni faayinaansii nuti fayyadamaa jiru kan Ameerikaati. Sirni faayinaansichaa akka vaayirasiidhaan hinmiidhamne kan nuu eegus Ameerikaadha. Haleellaa saayibarii rakkoo addunyaa mudachaa jiru qolachuuf namoota damicharratti leenji'an horachuun barbaachisaadha.

Biyyoota guddataa jiran qofa utuu hintaane Ameerikaafaan waan haleellaa saayibariif saaxilamoo ta'anif balaa kana qolachuuf filannoon jiru bu'uraalee misoomaa barbaachisoo diriirsuufi teknolojiirratti humna namaa gahaa leenjisuudha.

Bariisaa: Karoora misoomaa, guddinaafi badhaadhinaa, akka biyyaatti qabame caalaatti milkeessuuf maaltu ta'uu qaba?

Doktar Maatiwos: Biyyi tokko guddachuuf nageenyishee tasgabbaa'uu qaba. Keessummaa biyya akka Itoophiyaa ummata baay'ee qabduufi guddachuuf hojmanaa hedduun ishee hafutti nageenyi waaran jiraachuu qaba. Itoophiyaan utuu tasgabboottee karoora misoomaa, guddinaafi badhaadhinaashee nimilkeessiti. Nageenyi tasgabbaa'aan jiraannaan lammiileen biyyattii bakkaa bakkatti socho'anii hojjechuu danda'u. Nageenya biyyaa tasgabbeessuuf dirqama kan qabu ammoo mootummaadha. Kanaafuu mootummaan rakkoo dhabiinsa nageenyaa biyyattiitti mul'atu karaa nagaafi mariidhaan furuuf imala jalqabe cimsee ittifufuu qaba.

Itoophiyaatti utuu nageenyi waaran bu'ee biyyoota biroofillee gabaa guddaatu uumama. Waa'ee invastarootaafi turistoota biyya keessaafi alaa hawwachuu kaasuu dura nageenya tasgabbaa'aa uumuurratti xiyyeeffannaan hojjechuu qabna.

Nageenyi tasgabbaa'aan jiraachuu baannaan biyyattiitti guddinni dinagdee ittifufiinsa qabu galmaa'uu hindanda'u. Nageenyi bu'uura waa hundaati waan ta'eef rakkoo nageenya biyyattii karaa nagaan furuurratti xiyyeeffatamee hojjetamuu qaba.

Bariisaa: Gaafdeebii bal'aa nu waliin taasiftaniif guddaa galatoomaa.

Doktar Maatiwos: Isinis baay'ee galatoomaa.

Ijoo Dubbii

Marii: Duudhaa waliinummaafi walta'iinsaa

Wantoota waldhabdee xiqqeessanii olaantummaa nageenyaa mirkaneessuu danda'an keessaa mariin isa ijoodha. Yoo mari'atan yaada wali beekuun, walhubachuun darbees walamansiisanii addaddummaarraa tokkummaatti dhufuun ni salphata. Kanaanis namoota gidduutti miirri walamanuu, walkabajuufi qindoomuu gabbachuun hariiroo ummattootaa cimsuun ni danda'ama. Kanaafi, Oromoon "Mari'ataan gowwaa hinqabu" jedhee kan mammaakuuf.

Rakkoo waldhabdee walxaxaa Itoophiyaatti mul'atuuf fala kaa'uunis kan danda'amu mariidhaan ta'uun waan hubatameef mootummaan Komishinii Marii Biyyaaleessaa hundeesuun gara hojii qabatamaatti seenuuf sochii cimaa taasisaa kan jiruuf.

Komishinichis dhimmoota ijoo addaddummaaf ka'umsa ta'anirratti xiyyeeffatee akka hojjetuuf ittigaafatamni kennameeraaf. Akkasumas marii hundahammataafi fayyummaa biyyaa mirkaneessuu adeemsisuuf hunduu ittigaafatama akka qabu akeeka.

Yeroo hundeeffamasaarraa kaasee haalota mariif ta'an mijeessuun boqonnaa qophii xumuree dhiheenyaatti hojiitti seenuuf kan jedhu komishinichi, baay'ina ummataa biyyattiin qabdu waliin hojii qulqullina qabu hojjechuutu irraa eegama.

Mariin kun adeemsa rakkoo siyaasaa kamuu ittiin hiikan, lammiileen ijaafi ijatti walilalaa rakkoolee bu'uura biyyattiratti kan dudubbatan, walmo'achuuf osoo hintaane, walhubachuufi dhugaa argatanii nagaa fiduuf kan irratti mari'ataniidha.

Duudhaan biyyattiifi ummatootashii mariifi araaraaf bakka guddaa kan kennu ta'ullee sun dagatamuun obboleessi obboleessarratti waraana banuun, jibbaafi lola labsuun kaasaaraa olaanaa qaqqabuun ni beekama. Mariin taasifamus kanaaf dawa ta'ee kan walitti gadde walitti araarsee jaalalaafi tokkummaa labsuun lammiileen yaadoofi sodaa malee akka jiraataniifillee daandii cimaa ni bana.

Qaamni waldhabdeefi waraanaarraa buufate tokkollee hinjiru. Inumaayyuu sababa dhabamuu nageenyaatiin lammiilee hedduun lubbuu dhabanii, qaamaafi xiinsammuun miidhamanii, qabeenyisaanii hinkutaa'ee, aanteeffir firaanaa itti wareegani jireenya gadaddoo akka jiraataniif dirqaman. Harki qotateeffi safaratee nyaachuu barelllee beelaaf saaxilamee harka nama biraa eeggachuuf dirqame.

Adeemsi kun ammoo keessumaa jaarraa amma keessa jiru wajjin kan tarkaanfu miti. Bara addunyaan waan baay'eedhaan walitti dhufuun mandara tokko ta'aa jirtutti qomoon qomooaarratti, lammiin lammiisaarratti ka'ee walballeessuun herreguma kamiinuu fudhatama hinqabu. Kanaaf hunduu duudhaa eenyummasaa ganamaatti deebi'uu qaba.

Murni mufatee waraana kaases waan waraanaafi waldhabdeedhaan dhabe mariifi araara qofaan bakka buufachuuf of kennuu qaba. Nagaa lallabuu qofa osoo hintaane jiraachuu shaakaluunis daran murteessaadha. Wantoota addaddummaa uuman babal'isan osoo hintaane tokkummaafi wajjummaa hundee cimarra dhaabanirratti xiyyeeffatee hojjechuun irraa eegama.

Dhaloota jalaa dhufuuf biyya waan baay'een garaagarummaa qabdu osoo hintaane tokkummaan ishee jabaate dhaalchisuuf waltajjii marii qophaa'aa jirutti sirnaan fayyadamuun dirqama. Qaamni hundis milkaa'ina marii cimina duudhaa waliinummaafi walta'iinsaatiif bu'uura ta'e kana tumsuu qaba.

Yaada



Aadaa jaarsummaa biyyi muuxannoo taasifachuu qabdu

Jaarsummaa: Duudhaa araaraa biyyi irraa fayyadamuu qabdu

Saamraawit Girmaatiin

Jaarmiyaalee Gadaa walitti bu'iinsa hiikan hedduu keessaa jaarsummaan isa tokko. Jaarsummaan rakkoo maatii tokko hiikuurraa kaasee hanga rakkoo biyya tokkoo furuutti jaarmiyaa gahee guddaa taphachuu danda'uudha.

Hayyuun seenaa Obbo Alamaayyoo Hayilee gaafdeebii kanaan dura Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka ibsanitti, keessattuu ummata Oromoo biratti waldhabdeefi walitti bu'iinsi sadarkaa kamittuu uumamu dursa jaarsa ollaatiin akka ilaalamu taasifama. Kunis rakkoon maatii qe'eetti akka hiikamuuf waan barbaadamuufidha. Walitti bu'iinsiif waldiddaan uumame jaarsummaa maatiitiin (ollaatiin) furmaata yoo dhabe gara jaarsolii naannoofi Abbootii Gadaatiin akka ilaallamu ni ta'a.

Sadarkaa kanattis furuun kan hindanda'amne yoo ta'e, Abbootii Gadaa gosaa biratti akka ilaalamu taasifama. Haaluma kanaan seeraafi tumaawwan Sirna Gadaatiin tumaman bu'uura godhachuun furmaata rakkooleetiif beektota seeraa (hayyuu) gaafachuun waldiddaa uumame hiikaa deemu. Waldiddaan uumame sadarkaa kanatti yoo furmaata dhabe yaa'ii gosaa guddaatti (Gumii Caffeeetti) ol darbuun akka furmaata argatu taasifama. Yoo hiikoon dhabame seeratu itti tumama. Adeemsi kunis jaarsa ollaa, Eelaa, Raaree Gosaafi Gumii jedhama.

Jaarsummaan dhimma tokko kan ilaalu seerota, furmaataafi murtiilee sirna Gadaatiin kaa'amanirratti hundaa'uuni. Kanaaf, karaa bilisaafi iftoomina qabuun, karaa loogii hinqabneen murtii waan dabarsuuf qaamoleen walfalman mormii tokko malee murtoo kenname akka fudhatan taasifama.

Kanarraa ka'uun walitti bu'iinsaafi wal diddaa jaarsummaan furmaata hinarganne gara Caffee Abbaa Gadaatti dabarsuun walitti bu'iinsa tokko malee karaa nagaatiin rakkoolee furuu keessatti jaarsummaan faayidaa guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Jaarsummaan walitti bu'iinsi akka hinuumamne ittisuufis ta'e yoo uumames karaa nagaatiin hiikuuf gahee olaanaa waan qabuuf jaarmiyaa hiikkaa waldiddaa ammayyaa keessattillee beekantii argachuu kan qabuudha.

Barreessaan Gumii Abbootii Gadaa Oromoo Goobana Hoolaa gamasaaniin yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhaniitti, namni kamuu gaafa nama ta'ee deemu, dubbatu, olii buliisaa keessatti rakkina mudatu maraafuu waan tolfate qaba. Sabaafi sabalammileen kamuu gadda, gammachuu, jireenya hawaasummaafi taatee kam keessattuu waan tolfatee lafa kaa'uu qaba.

"Oromoonis waan walitti isa fidu, sabaafi sabalammii kaan waliin tokko isa taasisu

tumatee, bulee ittiin bulfatee lafa kaa'uu qaba. Kunis Sirna Gadaa yoo ta'u, sirnichi rakkoo mudate akkamiin akka fixatu ni qaba. Oromoon waan bulee fixatu kana jaarsaan fixata.

Namni jireenyasaa keessatti matumasaatiin, maatiidhaan, ollaafi biyyaan waldhaba. Kanammoo Oromoon dursee beeka. Kanaaf ammoo qorichi jibbaa jaalala, qorichi lolaa araara jedhee amana. Kanarraa ka'uun yoo illee waa itti bade "Nutti haa hafu" jedhee araaraan fixata" jedhu.

Akka ibsasaaniitti, jaarsaafi hayyuun gadi taa'anii bakka rakkoon jiru, bakka dhugaan jirtu, bakka bara qabdu ilaaluun "Kan hafte guddoodha, kan dabarte xiqqoodha, araarii haa bu'uu" jedhaniitu warra waldhabe araarsu. Kan gannaa lolaadhaan, kan bonaas bubbeedhaan akka darbu kadhachuun nagaan akka bu'u taasisanii araaraaf bakka olaanaa kenna. Oromoon hammataa, jaalataafi moggaafataa waan ta'eeffis sabaafi sabalammilee hedduu ofitti hammatee kan jiraatuuf waan dhugaarratti hundaa'ee nagaadhaan jiraachuu filatuufi.

Namni yeroo jiraatu ollaafi gandaasaa waliin nagaan jiraachuun akka irra jiru eeranii, yoo lafti bariite ollaa nagaa gaafatee, buultiisaa gaafata; daangaas ni iyyaafata. Kanaafi, Oromoon duudhaasaa keessatti nagaaf dursa kan kennu; bu'aasaas sirriitti kan leellisuuf jedhu.

Duudhaa kanarraa akka biyyaatti waanti guddaan akka fudhatamu kan himan Abbaa Gadaa Goobanaan, akka ammaa kanatti teknolojiin babal'atee odeeffannoo hawaasa bira qaqqaabaf malee kaleessallee biyyi tun rakkina keessa turte; har'allee rakkoo keessa jiraachuu ibsu.

Itoophiyaan kanuma keessa dabartee as ga'uusheefi rakkoo kana hiikuuf ammoo mariin biyyaaleessaa ittideemamaa jiru murteessaa ta'uu dubbatu. Fiixaan ba'iinsaatiifis duudhaafi barsiifata Oromoo ganamaa, jaarsummaarraa waantonni baay'een fudhatamuu akka danda'an ibsu.

"Sabaafi sabalammileen biyyattii sabummaa, amantii, siyaasaafi ilaalcha garagaraatiin akka walhinqoodne mariin biyyaaleessaa murteessaadha. Har'a waanuma nama walhinlolchiisneen waldhabuun ni mul'ata. Kana hiikuuf, saboonniifi sabalammoonni biyyattii hundi dhimma irratti waliigalan baay'inaan akka qabaataniif gahee olaanaa qabaata" jedhu.

Milkaa'ina kanaaf ammoo hunduu waldhabdeefi waraanaan waan dhufu akka hinjirre biyyoota wayita ammaan tana daaraa ta'aa jiranirraa barachuun dirqama. Walta'uudhaan waan guddaan waan argamuuf ummanni Oromoo ta'e saboonni kuun ilaalchaafi yaadasaa biyyaasaatiif jedhee fuulasaa araara, ilaafi ilaameetti deebisuun akka qaban dhaamu.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'ee.
Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii
1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata
Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa
Lak.Bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com
email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

 Ethiopian Press Agency

Qarreefi Qeerroo

Dargaggoo kombaayinara marga haamu kalaqee kan midhaan haamus hojjetaa jiru

Waasihun Takileetiin

Godinni Arsii Lixaa dachee Oromiyaa omishaafi omishtummaa qamadiifi garbuun daran kan beekamtuudha. Omishni kun yeroorraa yerootti dachaan dabalaa deemuusaatiin walqabatee hanqinni kombaayinaraa mudataa waan jiruuf sassaabbii irratti rakkoon mudachaa tureera. Rakkoo mudate kana furuuf mootummaan itti fayyadama makaanaayizeeshinii qonna ammayyaa babal'isaa kan jiru ta'us waliingahinsarratti ammallee harkifannaan jira.

Qonnaan bultoonni Godina Arsii Lixaa, aanaalee garagaraa midhaan facaafatan sassaabbiiif haaga'u malee osoo hinqisaasa'iin haammachuuf kombaayinara eeguu hojiisaanii godhataniiru. Hudhaan kombaayinara midhaan haamuu qonnaan buloota keessumattuu omisha qamadiifi garbuurratti bobba'aniif qormaata guddaa ture.

Hudhaan kun qonnaan buloota godinichaa daran waan qoreef furuuf jecha fala faluun dirqama dargaggoo tokkoo ta'eera. Dargaggoon kun eenyuu, maalirraa ka'ee maal hojjetee, dabalataan amma maal hojjetaa jira, sochiinsaa qonnaan bulaatti abdiin attamii hora, dargaggoota isa fakkaataniifoo ergaa akkamii qaba isa jedhu dubbisnee yaadasaa fudhannerra.

Tibbana dhimma hojiif gara Godina Arsii Lixaa, Aanaa Gadab Asaasaa ganda Dabaaraa Buuraatti sochii sassaabbii omishaa gabaasuuf deemnee turre. Hudhaa qonnaan buloota mudate kanas yeroodhuma sana taajjabuuf carraa arganne.

Dargaggoon rakkoo kanaaf fala dhahaa jiruufi nuti dubbisnees Sulxaan Musxafaa jedhama. Innis kutaa kudhan erga xumuree hojii kalaqaa gara garaan rakkoo omishafi omishtummaarratti qaqqabu furuuf ciisee akka hinbulle dubbata.

Haaluma kanaan mul'ata isa keessa bule galmaan ga'uuf sibiila naannawaasaatti argaman walitti qabuun hojii kalaqaa kombaayinara marga haamu, ayisuuzuu fe'isaafi konkolaataa manaa xixiqqaa soolaaraan hojjetan kalaquu dandaheera jedha. Konkolaataan ayisuuzuu fe'iisaa hangisaa xiqqaa inni kalaqee adda kan isa taasisu, daqiiqaa tokkotti ulfaatina kilogiraama sadii baatee hanga meetira shantamaa kan imalu ta'uu ibsa.

Keessumattuu kombaayinara midhaan haamu hojjechuuf sochii taasisaa tureen yeroo ammaatti kombaayinara marga haamu motarrisaa soolaariidhaan hojjetuufi gommeansaas laastikiifi buushiirraa



hojjetame kalaquu hima. Kombaayinara kanas sibiiloota gaggataman irraa hojjechuufi baasii qarshii kuma 15 ol baasuufi wayita ammaas kan midhaan haamu qopheessaa jiraachuu kaaseera.

Rakkoo naannawaasaatti qonnaan bulaatti hudhaa ta'e maashinii midhaan haamu kana ta'uu eeree, fala dhahuuf of kennee hojjechuusaatiin kombaayinara marga haamu kalaquusaafi gatiin boba'aa olaanaa ta'uusaatiin rakkoo kana maqsuufis kombaayinarichi soolaariin akka hojjetu taasisuusaa ibsa.

Dargaggoo Sulxaan kutaa kudhan erga xumuree garatti galagalu dhabee fala itti jireenyasaa mo'achuu danda'u barbaaduu tokko lama jedhee baasee buusee erga madaalee booda mul'ata isa keessa jiru ogummaa kalaqaa ijoollummaasaarraa kaasee keessoosaarraa dhikkifatu hojiitti hiikuuf yaaduu akka eegale hima.

Daa'imummaasaarraa kaasee hojii kalaqaa garagaraaf fedhii guddaa akka qabu kan himu dargaggoon kun, kalaqaa rakkoo hawaasa naannawaasaa hiiku kalaquuf of kennee hojjechaa turuufi kanarraa ka'uun kombaayinara marga haamu hojjechuusaafi kan midhaan haamuufi soolaariin hojjetu ammoo hojjetaa jiraachuu dubbata.

Akka inni jedhutti kombaayinarii marga haamu kun akkuma isa midhaan haamuu callaafi cidii adda baasuu kan danda'u, kuusaa callaas kan of keessaa qabuudha. Soolaariin kan hojjetu ta'uunsaas baasii humnaa olii bittaa boba'aaf ba'ullee kan maqsuudha.

sibiilota gara garaa dabalatee baasii qarshii kuma 500 ol akka isa gaafatu ibsee, yeroo ammaattis kan qabuun itti bobba'ee xiyyeeffannoo ittikennee humna qabuun hojjetaa jiraachuu hima. Kanas deeggarsa tokkollee osoo hinargatiin dandeettii mataasaan hojjetaa jiraachuu kaaseera. Kombaayinarii kunis hangaan xiqqaa ta'us akkuma maashinoota ammayyaa marga bareechee haamuun walqixxeessuu akka danda'u hima.

Kombaayinarii xiqqaa marga haamu kun gara midhaan haamuutti akka jijjiiramuuf xiqqeffatee hojjetaa kan jiru dargaggoon kun yeroo dhiyoon booda abjuunsaa milkaa'uuf akka jiru kaasa.

Dargaggoo Sulxaan kutaa kudhan xumuree jireenyaaf abdiin osoo hinkutiin rivaanii kalaqaa kutuuf nama humna guutuun hojjetaa jiru yoo ta'u, dargaggoota biroo fakkeenyummaan kan ka'udha. Dargaggoonni hedduu dandeettiifi ogummaa kalaqaa hedduu osoo qabaniin bu'aa ba'ii jireenyaa isaan mudatuun abdiin kutanii of dhoksanii kan jiraatan tokko lama miti.

Dargaggoonni kunniin miira abdiin kutannaa keessaa bahanii ogummaasaanii hojiitti hiikanii osoo argaman ofirra darbanii waahillansaanii biroo fakkeenya ta'u ture. Sochiifi tattaaffii Dargaggoo Sulxaan taasisaa jiru kan nama jajjabeessu bu'aa qorannoo rakkoo hawaasa naannawaasaa kan giddugaleeffate rakkinni kan duubatti isa hindeebisne waan ta'eef kan jajjabeeffamuu maludha.

Dhaabbileen gara garaa namoota dandeettii addaa waa kalaquun rakkoo furuu danda'an jajjabeessuun hayyoota ofiin rakkoo ofii furachuu isa jedhu hojiitti hiikuuf humna guutuun hojjetaa jiru. Bu'aalee kalaqaa kanaan dura galmaahaniin kanneen akka diroonii, konkolaataa ummataa kan abidda dhaamsu, tiraaktara qonnaafi kanneen biroon bu'aan jajjabeessaan galmaahaa jira.

Hojiileen kalaqaa akkasii babal'achuun meeshaalee alaa galan hambisuu, baasii humnaa olii bittaaaf oolu baraaru, alergii guddisuun hawaasni keenya dinagdeen cimnee akka argamu taasisu.

Jalqabbiin dargaggoo Sulxaan kunis hudhaa kombaayinaraa omishaafi omishtummaarratti mudataa jiru kan maqsu dinagdeen kan isa cimsu waan ta'eef kan jajjabeeffamuu maludha. Nutis lafa mul'atakee gahi jechaa dargaggoonni mul'ataafi dandeettiin kalaqaa isin keessa jiru bu'aa bahiin jireenyaa osoo hingufachiisiin hojiitti hiikuun jireenya foolii dhabetti foolii gochuun akka danda'amu dargaggoo kana fakkeenya godhadhaa jenna.

Nutis lafa mul'atakee gahi jechaa dargaggoonni mul'ataafi dandeettiin kalaqaa isin keessa jiru bu'aa bahiin jireenyaa osoo hingufachiisiin hojiitti hiikuun jireenya foolii dhabetti foolii gochuun akka danda'amu dargaggoo kana fakkeenya godhadhaa jenna

Soolaarii fayyadamanii konkolaattota sochoosuun kan hinbaratamne ta'uu eeree, inni garuu hojiitti hiikee argamuusaan mul'ata isa keessa jiru milkeessuun alatti miira hindanda'amuun nidanda'amaatti jijjiiruusaa ibsa.

Kalaqaa amma hojjetaa jiruuf bittaa

Abbaa Sa'aa

Bittaa elektironiksiifi faayidaaleesaa

Charinnat Hundeessaatiin

Hojmaata bittaa mootummaa baramaadhaan meeshaa ykn mi'a tokko bituuf piroformaa funaanuurraa kaasee birokraasiifi bu'aa ba'ii hedduu keessa darbama ture. Yeroon caalbaasiinsaa fudhatu daran dheeraa (hanga guyyoota 200), nuffisiisaafi hojmaannisaas walxataa ture. Hojmaatichi qisaasama bajataa, hannaafi loogiidhaafis kan saaxilame ture.

Bajata mootummaan federaalaa waggaadhaan ramadu keessaa harki 60 hanga 70 kan ta'u bittaaadhaaf kan oolu waan ta'eef bittaaan mootummaa kun mala bajanni mootummaa olaanaan irratti dhangala'uudha.

Hojmaanni mootummaan waggoota muraasaa as diriirsee xiyyeeffannaadhaan irratti hojjetaa jiru, sirni bittaa mootummaa elektironiksii rakkoolee irranatti eerame maraaf furmaata amansiisaa kan ta'uudha.

Sirnichii iftoomina kan mirkaneessu, malaammaltummaa kan ittisu, bu'aa ba'iiwwan kan hambisu, loogiiira bilisa ta'eefi hojmaata daran kan salphisuufi ammayyeessuudha.

Daarektarii Abbaa Taayitaa Bittaaafi Horata Mootummaa Obbo Hajii Ibsaa waltajjii gabbisa hubannoo tibbana dhimma bittaa mootummaa kana ilaalchisuun Magaalaa Adaamaatti gaazexeesitootaaf qophaa'erratti yaadaafi ibsa ittaanu kennaniiru.

Waan hanga ammaatti hojjetameefi akeeka waltajjichaa

Akkuma beekamu ji'oota saddeet dura gaazexeesitoota muraasa wajjin sadarkaa bittaaan elektironiksii irra jiruufi milkaa'inoota akkasuma hudhaa sirnichaa keessatti mudatteratti mari'annee turre. Waltajjii kanaanis hojiilee yeroo sanaa as raawwataman maal akka fakkaatanirratti yaada waljijjiirra.

Bu'uuruma kanaan ogeessota miidiyaalee elektironiksiifi maxxansaa, kan mootummaafi dhuunfaa hunda affeeruun isaan wajjin marii bal'aan taasifameera. Wixneen labisiin bittaa qaamolee adda addaatiin ilaalame barana Mana Marii Bakka Bu'oota Ummataatiin ni ragga'a jedhamee eegama.

Bajata mootummaa keessaa harki 60/70 bittaaaf oola

Bajata mootummaa keessaa harki 60 bittaaaf oola. Sirna bittaa elektironiksii mootummaa kana biyyoonni guddatan waggaa 60/70 dura xumuranii hojmaatasaa keessa jiru. Sirnichii Afrikaattis biyyi hanga waggaa 30 ittillakkaa'ame jira. Biyyoota Afirkaa keessaa Afrikaan Kibbaa waggaa 30 kana hojmaata elektironiksiitti galte.

Muuxannoo biyyootaa

Biyyoota Afrikaa keessaa jaha sirna bittaa elektironiksii eegalaniiru. Jahaffaa taanee kan gale nuyi. Kan keenya waan biyyoota Afrikaa kaanirraa adda ta'uun qaba. Innis biyyoota kaanitti bittaaan elektironiksii meeshaalee muraasarratti kan hojiirra oole. Nuti garuu bittaa mootummaa kamuu karaa sirna elektironiksii maallaqa kamiinuu raawwachuutti seenuu keenya.

Muuxannoo biyyoota Afrikaa hanga shanii ta'anii fudhanneeti gara hojmaata kanaatti



Obbo Hajii Ibsaa

kan seenne. Biyyoonni guddatan akkamiin jalqaban, maal keessa darban, har'a hoo sadarkaa maaliirra jiru jennee ilaaluuni kan sirnichatti seenne.

Biyyoonni sirnichaan milkaa'an hudhaa isaan mudate akkamitti ce'an, kan biyyoota Afrikaa sirnichaan waggaa 30 lakkoofsisee hoo maal fakkaata jennee rakkoo isaan mudatterraa muuxannoo fudhanneerra. Kanaafis biyyoota 14 akka ka'umsa (beenchi maarkitti) taasifanneerra.

Jalqabbii bittaa elektironiksiifi rincicummaa hoggansaa

Sirna bittaa elektironiksii kanaaf bara 2011 irraa eegalee qophiin adda adda taasifamaa turanii bara 2014 dhaabbilee mootummaa federaalaa sagaliin bittaa eegalle. Saglan kanneen keessaa jaha bittaaasaanii gartokkee sirnichaan raawwataniiru. Warri kaan hinmilkoofneef. Sababiin hinmilkoofneef maalinni kan jedhus ilaalameera. Kanaanis rincicummaan (reezistaansiin) hoggantootaa sababa tokko ta'ee argameera.

Bara 2015 dhaabbilee federaalaa 169 keessaa 74 sirna kanaan bittaa raawwataniiru. Dhaabbilee hafan sirnachatti galchuun hudhaa salphaa hinturre. Dhaabbilee 74 keessaa afur sirna kanaan bituu hindandeenyu jechuudhaan sirnicha keessaa of baasan. Dhaabbileen torbaatamni hafan garuu sirnuma kanaan bittaa raawwataa bahan.

Dhaabbilee 70 kanneen keessaa saglansaani hojmaatichaan raawwii daran olaanaa galmeessisaniiru. Isaan keessaas Ministeeronni Barnootaafi Fayyaafaan ni eeramu. Bittaaasaaniis yeroodhaan raawwataniiru. Ta'us hudhaan yeroo sana ture kan akka laayyooti ibsamu miti.

Sirnichii tuttuqaarraa walaba

Tokkoffaa sirni kun tuttuqaa kamuurraayyuu kan qulqullaa'eedha. Hojmaata elektironiksiitiin bittaaan walbeekumsaafi walitti dhiyeenyaan raawwatamu hinjiru. Bittaa kamuu otoo biiroodhaa hinbahamiin raawwatama.

Eenyumayyuu hinbeektu. Meeshaa barbaaddu karaa onlaayinii argatta. Dhiyeessaan meeshaas karuma onlaayinii galmaa'a, dorgoma. Oggaa injifataan fo'amus achuma karaa onlaayinii hordofa. Tarii namni sun Habashaas ta'e Faranjii kan beekamu oggaa meeshaa dhiyeessu waan ta'eef hattummaa guutummaatti kan dhabamsiisuudha.

Sirnicharratti dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa

Duraan oggaa hojichatti seenuu dhaabbilee dhuunfaarra mootummaarraa deggarsa cimaa akka argannu yaadnee turre. Kan ta'e garuu faallaa kanaati. Oggaa hawaasa daldalaa kuma tokkoo ol Sharaatanitti walittiqabnee mariisnu gammachuudhaan dhaabataniiti kan harka rukutan. Mootummaan reefu daandii sirriirra bu'e jechuunis adeemsicha ajaa'ibsiifatan.

Onlaayiniin loogii hinqabu

Onlaayiniin waan loogii hinqabneef waanti biraa haa hafuu walqixa haa dorgomnu jechuunis abdi sirnacharraa abdi guddaa akka qaban miira gammachuutiin ibsatan. Hojmaata kanaan duraatiin caalbaasiin biyyaaleessaas ta'e biyyoolessaa keessoosaatti hudhaa hamaa qaba ture. Torban jalqabaa biiroon banaadha, sanada gurguru. Sana booda cufamee deemama. Abbaan dhimmaa biyyaa biyyatti deddeebi'a.

Hojmaatichi kallattii mootummaa ta'uu

Hojmaanni kun eegaa hudhaa kana kan hir'isuudha. Hudhicha dhaabbileen 70n ce'aniiru. Waan raawwii fooyya'aa galmeessisneef ji'oota jaha booda kallattii mootummaa ta'ee Ministira Muummeetiin kallattiin irratti kennamee tokko tokkoon mana hojii ministeeraa bittaa elektironiksiitiin raawwata moo hinraawwanne jedhamee akka qoratamu taasifame. Kanaanis yunivarsiitiwwan afran Naannoo Tigraayitti argamaniin ala dhaabbilee mootummaa hundi sirna elektironiksiitiin qofa bittaa akka raawwatan taasifameera.

Ragaa hanga ammaatti jiruun dhaabbileen federaalaa 165 sirnichaan qofa bittaa akka raawwatan taasisneerra. Kanneen keessaa

dhaabbileen federaalaa 150n sirnichaan bittaa raawwachuun jalqabaniiru. Kan yunivarsiitiwwan Tigraayitti argamaniis hojjetamaa jira. Tigraayitti sirna bittaa kanarratti daldaltootas warra kaaniifis hubannoo kennuuf dhiyeenyatti karoora qabna.

Baay'ina dhiyeessitootaa

Itoophiyaan dhaabbilee alaatiin ala hawaasa daldalaa kuma 20 hanga kuma 30 ta'u akka qabduu tilmaamama. Kanneen hunda barsiisuun, leenjisuufi ga'oomsuun ga'ee keenya ture. Bardheengaddaa oggaa hojicha eegallu dhiyeessitoota 100 qofatu galmaa'ee ture. Hanga Waxabajjii 30 bara 2015tti dhiyeessaan kuma 12 akka galmaa'u taasifameera. Ammaan tana hawaasni daldalaa kuma 16 galmaa'eera.

Hawaasa daldalaatiif hubannoo kennuu

Hawaasa daldalaatiif akkamitti akka galmaa'urratti hubannoon kennameera. Darbees bu'aalee teknoloojii akka yuutubii fa'iin ergameeraaf. Kana malees karaa toora bilbilaa 9430n bilbilanii akkamitti akka galmaa'amuufi guca guutamu ni gaafatu, ibsis ni kennameera. Kana malees waajjira keenyatti bakki kanaaf qophaa'e waan jiruuf qaamaan dhufanii hojmaatasaa ni hubatu. Kana malees torbanitti guyyoota lama (Roobiifi Jimaata) hawaasa daldalaa guutummaa Itoophiyaa keessa jiru ni leenjisa.

Dirqama waan tureef haala kan bardheengaddaarraa adda ta'een guyyaatti hawaasni daldalaa 60 leenji'aa jira. Gama kanaan kurmaana jalqabaa bara bajataa 2016 kana qofatti hojiin waggaa darbe caalu hojjetameera.

Ammas darbee darbee keessumaa gama hoggantootaatiin hudhaaleen mudatan jiru. Akkasumas sirna bittaa elektironiksii kana ogeessonni bittaaarra jiran hinbarbaadan. Sababiinsaas sirna kanaan bittaaadhaaf biiroodhaa waan hinbahanneef.

Si'aayina sirnichaa

Bittaaan elektironiksii kun si'aayinaafis daran barbaachisaadha. Namoonni sirna bittaa kanaan hojjetaa jiran beellama guyyaa otoo hintaane sa'aatii muraasa qofa kennu. Yoo guyyaa kennan galmaa'aan kuma tokko gala. Kanaaf kan sa'aatii kana keessatti meeshaa akkanaa dhiyeessuu danda'u jedhanii si'aayina akka ulaagaatti keewwattu.

Dhaabbanni tokko meeshaa meeshaa tokko bituuf sa'aatii tokko keessatti galmaa'aa jedhee beeksisa baasuu danda'a. Kanaanis namoonni 70/80 galmaa'uu danda'u. Caalbaasii bittaa nuti as teenyee baasnu dorgomaan addunyaa guutuurratti argamu ni arga. Faddaalaa ni dhabamsiisa, yeroofi baasiin daran qusata. Keessumaa caalbaasii biyyoolessaatiif daran murteessaadha. Sirnichii ittigaafatamummaas qaba.

Bittaaan elektironiksii kun gochoota malaammaltummaa adeemsa bittaa keessatti raawwataman ittisu keessattis shoora olaanaa qabaata.

Sirnichii naannolee hundatti hojiirra oola

Sirni bittaa elektironiksii ammayyaafi si'aayaan kun bara 2017 naannolee hundatti keessumaa warra buleeyyiitti hojiirra kan oolu yoo ta'u, barana Naannoo Sidaamaafi Magaalaa Finfinneetti eegalameera.

Ilaamee...

Carraawwan teknolojii Itoophiyaaf

Saamraawit Girmaatiin

Ministirri Muummee Itoophiyaa Abiyyi Ahmad (PhD) tibbana miseensota Paartii Badhaadhinaatiif mataduree, “Idarraa gara miindaa” jedhuundhimoota garagaraarratti leenjii kennanii turan. Barreeffama kanaan isaan carraawwan teknolojiin Itoophiyaadhaaf qaburratti kennan akka ittaanutti qindeessinee dhiheessineerra.

Akkasaan jedhanitti, wantoota dhalli namaa kalaqe keessaa wanti guddichi hubannoo namtolchee (artificial intelligence)dha. Kunis waan yaadaan ture, amma garuu mana tokkoon tokkoon keenyaa kan seeneefi wantoota dhalli namaa kalaqe hunda keessaa daran kan fayyadu akkasumas, balaa cimaa kan qabudha. Intalajansiin artafishaalaa dandeettii yaaduu, barachuufi qorachuu namaa maashiniidhaan uumuu qabna kan jedhuudha. Fakkeenyaaf si’a takkaa konkolaataa uumuufi sunis ofiisaatiin of fooyyessaa akka deemu taasisuu akka jechuuti.

Roobootiin ykn maashiniin namni haala kanaan yaadee kalaqu ajaja namaa fudhatee buddeena kan tolchuufi ittoo kan hojjetu qofa osoo hintaane, nama barruusaarraatti baatee ilaalaa, sadarkaa “yaa namaa akkanaa yaaddaa?” jedhurra qaqqaabeera.

Namooti dandeettii tapha cheezii olaanaa qaban roobootii namni hojjetu waliin yommuu taphatan haala salphaadhaan ni mo’amu. Gaafa namni taphicha sirriitti hinbeekne dhufu garuu, “Namni akkanaa yaadaayii” jechaa roobootichatti bitaa gala. Kanaafuu intalajansiin artafishaalaa waan daran cimaadha.

Namni waan yaadaan hubate, to’achuuf isa dandeesisu, harkasaatiin uumee dhugoomsa. Jalqabarratti mooraaliitti waan amanuuf yaadasaa keessatti fakkii waan kalaqu sanaa kaasa. Erga yaadicha hubateen boodas sadarkaa sadarkaadhaan sana hojiirra oolchuuf ni tattaafata; uumees harkaan ni qabata. Hanga har’aatti kalaqawwan dhala namaa hundi gargaartoota, ajajamoota, si’essitootaafi deeggartoota turan. Dhalli namaa waa kalaquu qofa osoo hintaane waan kalaqerratti ajajaa ta’uu barbaada malee kalaqee ittiin mo’amu hinbarbaadu.

Amma garuu gaaffiin intalajansiin artafishaalaa ajajamoo gargaaraadha? isa jedhudha. Dhala namaatu isa to’atamoo, isatu dhala namaa to’ata? Intalajansiin artafishaalaa jechuun maashinii dandeettii yaaduu, hubachuufi ibsuu dhala namaa qabu jechuudha.

Maashinii akka namaatti yaadu, rakkoo hiiku, baratuufi guddatudha. Fakkeenyaaf konkolaataawwan nama maleessa haa ilaallu. Ofiin deemu, garuu gaafa ibsaa tiraafikiirra qaqqaaban beeku, nama daandii qaxxaamuru beeku, dursa kennuu beeku, akka balaan hinuumamneef bakkeewwan suuta jechuu qabanitti yaadanii suuta jedhu. Kun yaada osoo hintaane, waan qabatamaadhaan jiruudha. Fuulduratti immoo humni waraanaa isa misaaycelii sochoosu dabalatee nama muraasa qofa qabachuun intalajansiin artafishaalaatiin kan hogganamu ta’a.

Seenaa intalajansiin artafishaalaa yoo ilaalle,



Intalajansiin artafishaalaa sirnaan fayyadamuun rakkolee ulfaatoo hiikuuf furmaata

akka yaadaatti ALA bara 1950 kan eegalame yoo ta’u moggaasasaa garuu bara 1955 argate. Haala kanaan guddachaa deemee, bara darbe qabeenya doolaara tiriiliyoona 3.1 addunyaarratti sochoosuu danda’era. Kana keessaa osoo dhibbantaa tokkollee argachuun danda’amee ‘GDP’ Itoophiyaa sochoosuu danda’a. Bara 2025tti tiriiliyoona shan, 2030tti ammoo tiriiliyoona 15 ni qaqqaaba jedhamee tilmaamama.

Gaggeessitoonni dhimma kana hubatanii yoo gaggeessuu baatan gaggeessitoota jedhamuu hindanda’an. Sababnisaa intalajansiin artafishaalaa humna dhala namaa balleessu fidee dhufaa jira. Akkuma kana dura wantoonni hedduun nu jala ba’an kunis nu harkaa ba’uuf deema. Akkana taanaan ammoo wanti mindaa jedhamu hafee idaa qofa ta’a jechuudha.

Teknolojii kanaan Losaanjalas keessatti sistamni yakka dursanii raaguufi deeggaruu danda’u addunyaarratti kalaqameera. Ingiliiz keessatti fayyaadhaan walqabatee waan akka sa’aatii harkatti ka’aatamuufi namni yommuu socho’u, sochiisaa hunda qoratu, utuu doktarri tokko nama tokkorra mallattoon kaansarii jiraachuu hinbeekiin kan beekuufi kan gabaasu ni jira. Inni kun dhukkubichi osoo hinbala’atiin sadarkaa xiqqoorra utuu jiruu akkuma utaaltootti to’achuu dandeesisa.

Intalajansiin artafishaalaa sadarkaawwan sadii qaba. tokkooffaa hubannoo namtolchee murta’aa, (‘Artificial Narrow Intelligence, ANI’) jedhama. Kana jechuun fakkeenyaaf cheezii taphata yookaan konkolaataa oofa ykn ammoo sagalee barreeffamatti jijjiira. Yeroo tokkotti waanuma tokko hojjechuu danda’a jechuudha.

Inni lammaffaan hubannoo namtolchee waliigalaa (‘Artificial General Intelligence-AGI’) jedhama. Inni kun akkuma namaa dandeettii madaaluu, hubachuufi barsiisuu qaba. sadarkaa sadaffaafi qorannoon dhihootti guutuutti nixumurama jedhamee eegamu ammoo hubannoo namtolchee fooyya’aa (‘Artificial Super Intelligence ASI’) kan jedhamu yoo ta’u, inni kun gaafa hojiirra oole daran sodaachisaadha.

Dandeettii dhala namaarraa dachaa hedduun caalu qaba. ALA bara 2050tti yommuu hojiirra oolu maashiniin tokko sammuu namoota biliyoona tokkoo qabaata. Kana jechuun baay’ina ummata Afrikaa biliyoona 1.4 amma jiru maashinoota lamaan bakka buusuun ni danda’ama jechuudha.

Qabiyyeewwan intalajansiin artafishaalaa ijooon ja’a. Inni tokko ofiisaa of barsiisaa kan of fooyyessu (‘machine learning’) yoo ta’u, erga hojjetamee booda waan haaraa barachaa kan deemuudha. Fakkeenyaaf konkolaataan ittikennamee yoo meetira shan irratti waa rukuteera ta’e, isa ittaanutti irraa baratee meetira ja’arratti dhaabata. Lammaffaan hubannoo gadifagoo (‘deep learning’) jedhama. Bifa sammuu namaa wajjiin walfakkaatuun waa hedduu waljijjiiruudhaan kan hojjetuudha.

Sadaffaan shallaggii hubannoodhaan (Cognitive Competing) jedhama. Inni kun rakkolee walxaxoo hiikuuf oola. Wantoota waliisaaniitiin walitti bu’an hubatee, furmaata kan kennuudha. Afraffaan walitti hidhamiinsa narvii (Neural network) jedhama. Akkaataa sammuu dhala namaa fakkaatuun dhala namaa caalaatti wantoota walxaxoo ta’an bifa leenji’een kan furmaata itti kennu jechuudha.

Shanaffaa ilaaluufi hubachuu (Computer vision) jedhama. fakkeenyaaf bilbila keenyarratti suura qaruuraa utuu kaasnee qaruuraadhuma nuukaa’a; intalajansiin artafishaalaa garuu akkanumaan ilaalee qaruuraadha jedhee kaa’a.

Ja’affaan afaan uumamaa barachuufi qo’achuu (Natural Language Processing) yoo ta’u, akkuma dhala namaa dubbachuufi hiika itti kennuu kan danda’uudha.

Intalajansiin artafishaalaa keessumaa gaggeessitootaaf faayidaa olaanaa qaba. fakkeenyaaf bulchiinsa maallaqaa waliin walqabatee pirezdaantoota baankii, ittigaafatamtoota faayinaansiifi namoota maallaqa waliin kallattiin hojjetaniif faayidaan qabu olaanaadha. Akka agarsiisaatti, peerolii waliin dhahuun teknolojiin kana biratti hinbeekamu. Haala amma jiruun namni du’ee miindaan kanfalamuuf ni jira. Kun Intalajansiin artafishaalaa biratti hinbeekamu. Eenyummaa sobaa, daddabarsa maallaqaa shakkisiisaafi sochii lakkoofsa herregaa hinbeekamne hunda ni qaba.

Fakkeenyaaf Itoophiyaa keessa har’arra dabtara baankii miliyoona 112, namoonni miliyoona 40 ta’an akka qaban tilmaamama. Baankoonni qarshii biliyoona hedduu sochoosu. Hama waggaa darbeetti baankoonni Itoophiyaa hundi walitti ida’amani namoota miliyoona walakkaaf qarshii hinliqeessine. Sababnisaa qabeenya kan walsaman namoota muraasa qofa

waan ta’aniif. Teknolojiin intalajansiin artafishaalaa garuu amala namoota dhuunfaa qorachuun nama liqin maluufi hinmalleef adda baasa.

Kana malees hojii galiwwaniifi gumrukii irratti intalajansiin artafishaalaa shoora olaanaa qaba. hojiin galii sassaabuu daran dadhabsiisaadha. Fakkeenyaaf namni tokko warshaa konkolaataa qaba. Kana keessa gommaan, mootarriifi meeshaaleen konkolaataa garagaraa ni jiru. Hojjetaan galii tokko galii konkolaataa tokko tilmaamuu ni danda’a; garuu tokkoon tokkoon qaama konkolaataa hinbeeku, ogummaasaas hinqabu.

Intalajansiin artafishaalaa garuu meeshaan tokko yommuu bitamu kaampaaniin irraa bitameerraa odeeffannoo ni fudhata; meeqaan akka bites ni beeka. Maaliif maaltu walitti dhufee konkolaataa akka ta’u, guyyaa meeqaatti hojjetamee akka xumuramu, meeqaan akka gurguramuufi dhimmoota biroollee sirriitti beeka.

Kanaaf osoo waa tokko hinrakkatiin qarshii hammanaa kanfali ittiin jedha. Yoo nama ta’e, gibirri natti baay’ate, dabalata na kanfalchiistan, matta’an kenna jechuun jira; gaafa kan intalajansiin artafishaalaa garuu kun hinjiru.

Damee fayyaa keesattis yoo ilaalle gaheen intalajansiin artafishaalaa daran olaanaadha. Dhukkuba nama keessa jiru bilbilatti fayyadamuun dubbisuu ni danda’a, meeshaalee wal’aansaa kamiyyuu nihubata. Raaga haala dhukkubaallee dursee kennuu ni danda’a. Kanaan dandeettiin fayyaa dhala namaa fooyyessuu danda’u uumameera.

Qonna keessatti, keessumaa midhaan nyaataatiin of danda’uuf hojii hojjetamu keessatti gaheen intalajansiin artafishaalaa baay’eedha. Roobni yoom akka dhufuufi dhaabbatu, awaannisi yoom uumamuu akka danda’u, dhukkubootaafi ilbiisota uumamuu danda’an, omisha argamuu danda’uufi yoo maal qotan bu’aaqabeessa ta’uun akka danda’amuufi bu’aa argamullee dursee raaga. Kana malees midhaanota addaddaa keessaa aramaa adda baasee buqqisaa deemu danda’a.

Barnootarrattis, rakkoo sirna barnootaa amma biyya keenya qoraa jiruuf waan gaariidha. Sirni barnootaa keenya fiixeedhaa hamma fiixeeetti walfakkaataadha. Intalajansiin artafishaalaatiin garuu sadarkaa nama dhuunfaatti gadi bu’ee tokko tokkoon kutaa keessa sirni barnootaa ni jira.

Kana malees dandeettii namaa ijoollummaarraa kaasee ilaallu danda’a. yeroo baay’ee namni 3.5 yookiin isaa ol fidee akaakuu barnootaa kam baradhu jedhee yaaddaa’a; teknolojiin kun garuu daa’imumaarraa kaasee ilaallu danda’a.

Akka waliigalaatti wayita ammaa addunyaan teknolojiin kanaan daran fayyadamaafi rakkolee hedduu dameewwan garagaraarratti ittiin hiikaa jirti. Gaggeessitoonni kana sirnaan hojiirra oolchuu ammumaa itti hin yaadan akkasumas itti hinqophaa’an taanaan hojii hojjetan dhamaatiisaanii hunda lafatti hambisa jechuudha. Beekani yoo ittifayyadaman garuu rakkolee hedduu jalaa baraaruu danda’a.

AADAIFI AARTII

Yaadannoo waggaa 1ffaa Doktora Kabajaa Aartisti Alii Birraa

Charinnat Hundeessaatiin

Onkoloolessa 27 bara 2015 addunyaa kanarraa du'aan kan boqote Doktora Kabajaa Aartisti Alii Birraaf guyyaan yaadannoo sagantaawwan gara garaatiin Dirree Dhawaatti Onkoloolessa 26 hanga kaleessa, Onkoloolessa 30 bara 2016tti sirnoota adda addaatiin adeemsifameera.

Doktorri Kabajaa Aartisti Alii Birraa waggoota 60 oliif hojiiwwan muuziqaa qofaan kan beekamu osoo hintaane, Afaan Oromootiin hangafee afaanota biyya keessaa hedduufi kanneen biroonis sirbuun, mirga dhala namaaf falmuu, abbaa irrummaa mormuu, ispoortii, barnoota, waliin jireenya, jaalala biyyaa, seenaafi dinqisiifannaa uumamaa calaqqisuufi leellisuu ture.

Yaadonnoon aartistichaa Wiixatarraa jalqabee guyyoota shaniif sagantaalee gara garaatiin kabajameera. Jalqabarratti sirni dungoo qabsiisuu Paarkii Doktor Alii Birraatti kan gaggeeffame yoo ta'u, eebbi biilboordii yaadannoo daandii Buufata Xiyyaaraa Idiladdunyaa Dirree Dhawaatti eebbifamuun, mariin paanaalii, amna ykn miilaan deemuun, dorgommiin ispoortii, agarsiisni muuziqaafi konsartii guddaan aartistoonni bebbeekamoon biyya keessaafi alaa irratti hirmaatan adeemsifamaniiru.

Aartisti Aliin muuziqeessaa beekamaa sabaafi sablammoonni hundi jaalatan waan ta'eef maatiin, firoonni, hiriyoonniifi dinqisiifattoonni akkasumas keessummoonni adda addaa biyya keessaafi alaa saganticharratti hirmaataniiru.

Haati warraa Doktor Alii Birraa saganticharratti yaada kennaniin bulchinsaafi jiraattota Dirree Dhawaa jaalalaafi kabaja abbaasaniin, Aliif qabanitti gammadeera; guddiseen galateffadhas jedhan.

Kutaan qophii Gaazexaa Bariisaas waggaa 1ffaa yaadannoo Doktora Kabajaa adeemsifame sababeeffachuun barreeffama bardheengadda mataduree, "Odaa Guddicha Aartii Afrikaa" jedhuun maxxanfamee ture yaadannoo akka itaanutti dhiyaateera.

Doktora Kabajaa Aartisti Alii Birraa bara 1940-2015tti

Maqaansaa jalqabaa Alii Mahammad, maqaan mootii aartii ta'uusaatiin ittiin beekamu ammoo Alii Birraa kan ta'eefi warra isatti dhiyaataniin Adeeroo jedhamee waamamu Doktora Kabajaa Aartisti Alii Birraa abbaasaa Obba Mahammad Musaafi haadhasaa Aade Faaxumaa Aliirraa ji'a Caamsaa bara 1940 magaalaa Dirre Dhawaa, Ganda Qoreetti dhalate.

Alii Birraa barnootaasaa Afaan Arabaafi Qur'aana barachuudhaan eegalee barnoota kutaa 1ffaa mana barnootaa Madarasaa Jadiidaa jedhamuufi mana barnootaa Li'ul Mokoniin jedhamu kan achuma, Dirre Dhawaatti argamutti barate. Sadarkaa 2ffaa Finfinnee, Mana Barnootaa Kaatee Doktoraal jedhamutti; ittaansees Ameerikaa, Kaalifoorniyaatti kolleejjii Saantaa Moonikaatti ogummaa muuziqaaf barateera.

Abbaan Alii Birraa ilmisaanii baratee makaanikii akka ta'uuf hawwanis inni garuu nama ijoollummaasaatii eegalee fedhii ispoortiiifi muuziqaaf qabuufi sinimaa ykn fiilmii ilaaluu jaalatu ture. Bara 1954 seenaa aartii ammayyaa Oromoo keessatti boqonnaa addaa kan bane Baandii Urjii Bakkalchaa qaama sochii qabsoo Afran Qalloo tahee hundaa'uun Alii Birraatiif carraa addatti uume. Hawwiifi fedhiisaa guuttachuufis karaa baneef. Alii Birraas miseensa Baandii "Hiriyaa Jaalalaa" ta'ee ogummaa umurii guutuu ummata ittiin tajaajile jalqabe.



Baruma aartii jalqabe san ayyaana Iidaa tokkorratti Baandii Urjii bakkalchaa wajjin walleesaa tan jalqabaa "Birraadhaa Barihe" jettu weellise. Sirbiifi sagaleensaas daran jaalatameef. Matadureen sirbichaas isaafis maqaa abbaa tahee, Alii Mahammad jedhamee waamamuun hafee Alii Birraa tahe. Maqaa mootii aartii Afrikaa!

Sirbi Aliin gaafa daa'ima ture Birraadhaa Barihe jedhee weellise kun aadaafi aartii Oromootiif birraan barihuu, barri ifaa dhufuu kan ibsuufi seenaa aartii ammayyaa Oromoo keessatti mootiin Aartii dhalachuu ifatti kan dhugoomse tahe.

Akkaataa kanaan, Aartisti Aliin Baandii Hiriyaa Jaalalarraa gara Baandii Urjii Bakkalchaatti guddatee jaalalaafi kabajaan simatamee "guddadhu" jedhamee eebbifamee aartiistoota guddoo akka Doktora Kabajaa Alii Shanboofaa wajjin weellisuu ittifufe.

Imala haaraa jalqabe kanaan aartii ammayyaa Oromoo utubee ijaaree, guddisee, dagaagee, sadarkaa fiixeeran gahee ofiifis bakkalcha aartii Oromoo ta'ee dukkana ture gara ifaatti jijjiiruuf qooda guddaa gumaache. Magaalaan Dirre Dhawaas qaanqee aartiin ammayyaa ummata Oromoo ittiqabsiifame, jiddugala qabsoo Oromoo akka taatu shoora olaanaa taphate.

Doktarri Kabajaa Aliin hiriyootasaa wajjin Harargee keessaa iddoowwan adda addaa naannawee agarsiisa muuziqaaf ummataaf dhiheessaa eega ture booda, waamicha kabajaa Jibuutiirraa Baandii Urjii Bakkalchaatiif dhufeen inniifi hiriyoonnisaa deemanii agarsiisa muuziqaaf biyya alaatti yeroo jalqabaatiif dhiheessuuf akka hayyamamuuf gaaffin mootummaaf dhiheessan waan fudhatama dhabeef hayyama mootummaa malee imaluuf dirqaman.

Aliin daangaa Jibuutiitti qabamee ji'a tokkoof hidhame. Eega hidhaa bahee Finfinneetti godaane. Mootiin aartii kun yeroo Finfinnee dhufu keessummaa waan tureef rakkoo guddaan mudatus handhuura Oromoyaatti galuu akka carraa guddaatti fudhate, ittis fayyadame.

Gitaara qabatee sirbuudhaan Finfinneetti yeroo gabaabaatti beekamtii olaanaa gonfate. Achumaan Orkeestiraa Kibur Zabanyaa keessa waggoota sadiif aartiistota beekamoo akka Xilaahun Gassasaa, Bizunash Baqqalaa, Mahammud Ahmadiifaa wajjin hojjeteeera.

Tajaajila waggaa sadii booda waan haallii ittihintolleef orkeestiricha keessaa bahee, hojii muuziqaaf guutummaatti dhiisuuf murteeffatee hojii biraa babaaduu eegale. Achumaanis hoggantoota Kubbaaniyyaa Baabura Lafaa Itoophiyaa isa beekaniin gargaaramee Magaalaa Awaashitti buufata (baaburaatti) makaanikummaan hojii eegale.

Ta'us nama aartiif uumame waan ta'eef aartiirraa fagaachuun daran isa rakkise. Finfinneetti deebi'ees ergama aartiistummaa uumamaan kennameefiin ummata tajaajiluu ittifufe. Adeeroo Aliin seenaa Oromoo keessattii Finfinneetti baandii ammayyaa Afaan Oromootiin tajaajilaa ture, Baandii Aduu Birraa jedhamu hundeessee hojii jalqabsiise.

Baandichi daran jaalatamaa ture. Kanaafis gaheen Alii daran olaanaa ture. Baandicha hiriyootasaatiif dhiisee 'IBEX BAND, ETHIO STAR BAND'faa wajjin Hoteelota D.Afriik, Raas, Harraambee, Hiltaniiffaatti kilaboota muuziqaaf galgalaa (Night Club) hojjatan wajjin tajaajileera.

Bara Oromummaan miidhaa guddaa keessa ture san, Finfinneetti wallelee (sirboota) Afaan

Oromoo mimmiidhagoo dhageeffatamaniin hinquufamne kaasseettaan waraabsisee ummataaf dhiheessuudhaan muuziqaaf ammayyaatiin Oromoon industirii muuziqaaf biyya keenyaa keessatti fudhatama guddaa akka argatuufi sadarkaa olaanaarra akka gahu cimee hojjate.

Sirboota bara san ummataaf dhiheessaa tureen sagalee ummataa ukkaamamee ture ifatti baasuu, sirboota hawwatoofi jaalatamoo, onnachiisoofi gammachiisoo baasuudhaan akka biyyaatti aartistii gita hinqabne ta'aa dhufe. Aartistota jalaa dhufaniifis fakkeenya ta'ee karaa bane.

Aartisti Aliin qabsaa'aa hangafa, goota gootaa olii, falmaa mirga namoomaafi abokaatoo haqaa ta'uudhaan Oromummaan akka dagaagu, akka ummanni walbaratu, miidhaan irra gahaa tures addunyaarratti akka dhaga'amu adda durummaan qabsaa'e.

Meeshaa muuziqaafi sagaleesaa akka meeshaa qabsootti fayyadamuudhaan karaa nagaatiin lolee lolchiisee, qabsaa'ee qabseesseera. Roorroo Oromoorra gahaa ture dura dhaabbatee falmeera.

Ummanni mirgaafi bilisummaasaa akka falmatu kakaaseera. Sagalee haqaafi bilisummaa ummata keenyaa ta'ee tajaajileera. Aartii Oromoofi Itoophiyaa sadarkaa olaanaarraan gahuufis qooda murteessaa gumaacheera.

Aliin Aartistii Oromoo, Itoophiyaafi Afrikaa, ogeessa gita hinqabne ta'uun hojii umrii guutuu hojjateen ifatti agarsiiseera. Saboota Itoophiyaa walitti dhiheessuufi tokkoomsuufis qabsaa'eera.

Bara Itoophiyaa keessatti loogiifi walqoodinsi babal'achuu jalqabetti ummata Oromoo tokkoomsuufi ummatoota biyyaatti waljaalala jidduutti cimsuuf "Haati teenya takkaa maaltu addaan nubaase" jedhee weellisuuudhaan sagalee tokkummaa ol fudhatee dhageessiseera. Sagalee jaalalaafi tokkummaa ta'uudhaan waljaalala ummatootaarratti ejjannoo cimaa qabu kanas karaawwan adda addaatiin ibseera.

Doktora Kabajaa Alii Birraa afaanota torba dubbata, afaanota jahaan jechuunis Afaan Oromoo, Amaariffa, Afaan Hararii, Afaan Sumaalee, Arabiffaafi Afaan Siwiidiniin Sirbeera. Afaanota jahaan sirba yemmuu jennu akka weellistoota birootti afaan hinbeekne qo'atee osoo hintaane afaan sirriitti beekuun kan sirbu waan ta'eef sirboonni afaanota biroottiin weellise hundi warra afaanota sana dubbatan biratti daran jaalatamoodha. Aliin Sudaanitti akkuma aartistoota biyyattii daran beekamaadha.

Doktar Aliin abbaa ogummaawwan hedduuti. Ogeessa aartii, afaaniifi aadaati. Meeshaalee muuziqaaf akaakuuwwan shan taphachuu danda'a. Qindeessaa muuziqaati. Yeedaloo hawwataa qalbii namaa keessa dafee seenuufi yeroo hunda jaalatamu baasa. Hundaa ol sagalee addaa qaba. Kunis aartistoota biyya keenyaa hundaa ol isa taasisa.

Yeroo waltajjiiratti sirbu daran namatti tola. Ija namaa hawwata. Faranjoonni "magnetic attraction" qaba jedhaniin. Dhimmoota jiruufi jireenyaa irratti hinweellisii hinqabu. Sirboonnisaa dalqullina ogummaa qaban, ergaa cimaa dabarsaniifi sagaleesaa baay'ee miidhaguun kan sirbaman waan ta'aniif yeroo hunda hawwatoodha. Jechamni, "Muuziqaan Afaan Addunyaati" jedhu aartiistichaa qabatamaan mul'ateera.

Akka waliigalaatti Doktor Aliin sirboota 267 sirbeera. Sirboonnisaa hundi jaalatamoo hawwatoodha. Sirboota hindulloomeefi yeroon ittihindabarreedha. Muuziqaansaa daangaa yeroo cabsee dhalootarraa dhalootti dabaraa barabaraan kan jiraatuudha.

Yaadannoo waggaa 1ffaa...

Sirboonnisa waan daran jaalatamoo ta'aniif aartiistonni Afaan Oromoo hinbeeknes baay'inaan ittifayyadamu. Kilaboota muuziqaa hunda keessatti sirbisaa daran barbaadamaadha. Sirna cidhaafi kkf miidhagsuufis hundarra filatama. Jaarraa tokko keessatti tokko ta'ee dhalata. Adeeroon nama akkasii. Nama addaa, kan yeroo gabaabaatti nama akkasaa argachuun daran rakkisaa ta'e.

Aartisti Aliin biyya ittihalatetti ummata irraa dhalateefi isa guddiseef qabsaa'uufi sagalee ta'eeffii ifa baasusaatiif osoo kabajaafi badhaasni maluu, yeroo baay'ee dararaafi hidhaaf saaxilameera. Kanaanis haadha warraasaa yeroo sanii Aadde Birgiitaa Astiroom tan Lammii Siwiidiniifi Itoophiyaatti diippiloomaati biyyattii turte wajjin bara 1977 biyyaa bahee Siwiidiniifi godaane Siwiidin, Ameerikaafi Saawudii Arabiyaa keessa jiraachaa ture.

Kaanaadaattis galee hamma gara Itoophiyaatti deebi'eetti waggoota dheeraaf jiraachaa ture. Achittis Aadde Liillii Maarqoos (Liillii Birraa)

wajjin bultii ijaaree jireenya gaarii jiraachaa ture.

Yeroo ala turetti hojiisaa ittifufuudhaan Ameerikaa, Awurooppaa, Awustiraaliyaa, jiddugala Bahaa keessa naannawuudhaan biyyoota adda addaatti agarsiisa muuziqaa dhiheessuudhaan Ambaasaaddara Oromoofi waliigala Itoophiyaa ta'ee maqaa ummataafi biyya keenyaa sadarkaa olaanaa ol kaaseera. Hawaasa diyaaspoora yaaddoo biyyaatiin rakkateef gaaddisa itti walitti qabamanii itti bashannanan ta'ees tajaajileera.

Alii Birraa, abbaa mul'ataati. Gaafa Oromummaan dukkanaa'ee mallattooleen Oromoo dhokfaman Karaan Galma Abbaa Gadaa eessa? jedhee sirba gaaffii cimaa kaasu sirbe. Erga sirba kana weellisee waggaa dheeraa booda biyyatti galee, gaaffinsaa deebi'ee waan hawwe ijaan argee eebba Galma Abbaa Gadaarratti argamee miira gammachuufi injifannootiin sirbeera.

Akka addunyaatti hayyoonniifi ogeessoni muuziqaa baay'een hojiisaarratti qorannoo

gaggeessaniiru. Akkasumas badhaasota lakkaa'amani hindhumne yeroo agarsiisa aartii dhiheessu argate osoo hindaballe, badhaasota sadarkaa addunyaatti fudhatamaafi kabajaa olaanaa qaban kanneen dhibbaa olitti lakkaawaman biyyoota, mootummoota dhaabbilee, waldaaleefi yuunivarsiitiwwan adda addaarraa argateera.

Isaan keessaa akka addunyaatti aartistii urjii Afrikaa jedhamee Kaanaadaatti badhaafamuunsaa, Mootummaa Naannoo Oromiyaarraa maqaa Mootummaafi ummata Oromootiin niishaanii olaanaa beekantii olaanaafi kabajaa guddaa akkasumas mana jireenyaafi konkolaataa 'V8' badhaafamuufi yuunivarsiitiilee Jimmaafi Dirree Dhawaarraa Dokara kabajaa argachuusaa yuunivarsiiti Jimmaatti manni barnootaa muuziqaa maqaasaatiin moggaafamuunsaa, magaalaa Adaamaatti daandii, magaalaa Dirre Dhawaatti paarkii maqaasaatiin moggaafamuun, akkasumas dhaabbilee badhaasaa adda addaarraa badhaasa tajaajila olaanaa umrii guutuu argachuusaafi kanneen fafakkaatan

badhaafamuusaa akka fakkeenyaatti tuquun ni danda'ama. Aliin waggoota kurnan dabran dhukkuboota adda addaatiin miidhamaa turus wal'aanamaafi obsaa hojiisaa ittifufaa ture.

Yeroo dhihoo as ammoo rakkoon fayyaa waan itti cimeef biyya keessaafi alatti yaalamaa eega turee booda Onkoloolessa 27 bara 2015 ALI galgala boqochuudhaan addunyaa kanarraa godaaneera. Odaa guddaan aartii Oromoo, Itoophiyaafi Afrikaa kufeera. Biyyi keenya, Itoophiyaan ilmaashee hangafticha dhabdeerti. Aartistii guddaan kun ijoollee gudeedasaarraa baate qabaachuu baatus aartiistota kumaatamaan lakkaa'aman horateera.

Doktarri Kabajaa Alii Birraa hojii aartii waggaa 60 guutuu hojjeten laphee ummataa keessa bara baraan jiraata. Nama mana mana keenyatti ergaa guddaa nuu kaa'e, badhaasa olaanaa nuu kenne waan ta'eef amaanaansaa dhaloota har'aafi boruu biratti kabajaan jiraata. Hojii boonsaa hojjetenis bara baraan yaadatamaafi faarfamaa jiraata. Rabbi Jannata fardoosiin haa qananiisu.

Jilli Doktor Abiyi...

siyaasarratti haala ittiin walitti dhufeenyaan hojjetanirratti marii bal'aan taasifameera.

Sawudiin biyyoota Afrikaa kanneen akka Itoophiyaa, Naayijeeriyaa, Senegaal, Chaadiifi Ruwaandaa wajjin madda anniisaa gabbisuurratti waliin hojjechuuf waliigalte mallattessiteetti. Gama Itoophiyaatiin waliigalticha kan mallatteessan Ministira Maallaqaa Obbo Ahmada Shidee ta'uunis beekameera.

Biyyattiin karoora kana dhugoomsuuf

doolaara Ameerikaa miliyoona 500 baasii kan taasistu yommuu ta'u waliigalaan Afrikaatti hojii misoomaa doolaara biliyoona 700 ol hojjechuurratti arganti.

Ministri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) yaa'icha maddiitti pirezidaantota biyyoota obbolaa, Jibuutiifi Somaaliyaa Ismaa'el Umariifi Hasan Sheeh Mohaammad wajjin dhimmoota garlameefi naannawaarratti mari'achuusaanii karaa miidiyaa hawaasummaasaanii ibsaniiru.

Indastiraalaayizeeshiniin...

dabarsaniin akka jedhanitti, mootummaan naannichaa misoomaa qonnaa bu'uura misoomaa dinagdeesaa taasisuun cimsee hojjechaa jira. Haata'utii, dinagdeen qonna qofarratti hundaa'e misoomaa si'aayaafi ittifufiinsa qabu dhugoomsuu waan hindandeenyef, qonnaafi industirii walitti hidhuun barbaachisaadha.

Bu'uuruma kanaan akaakuuwwan seektara indastirii maanufaakchariingii keessaa industirii maanufaakchariingii qonnaarratti xiyyeeffannaan hojjetaa jirra jedhanii, akaakuun kun kilaastara omishaafi hambaa omisha qonnaa akka galteetti fayyadamuun kan omishu ta'uunsaa toorawwan

lamaan, manii tokko jajjabeessuu ta'uu eeran.

Dilbii dhokataa naanniichi gama seektarichaatiin qabu beeksisuudhaan investimantii harkisuu, investimantiifi indastirii ammaan dura jiran babaldhisuu, akkasumas, bu'aa qabeessummaa investimantii mirkaneessuudhaan omishaafi tajaajila dabaluu sochii bal'aan taasifamaa jira jechuun ibsaniiru.

Sochiilee muraasa kanneeniin bu'aan argamaa jiru kan abdi namatti horuudha kan jedhan Obbo Shimallis, ta'us hojii baldhaan fuuldura keenya jiraachuunsaa dhimma hubannuudha jedhan.

"Ulaa galaanaa qabaachuun..."

'Imaammanni Seektara Lojistiksii' kan ba'e ta'uu himanii, Itoophiyaan Jibuuti dabalatee ulaawwan galaanaa biroo (karaa Somaalee Laandii Barbaraa, karaa Ertiraa Mitsuwaaafi Asab, karaa Sudaanii Buufata Sudaaniifi karaa Keeniyaa Laamuufi Mombaasaa) fayyadamuu akka qabdu imaammaticarratti ibsamuu himu. Itoophiyaan ulaawwan galaanaa misoomuu danda'an yoo jiraatan Jibuuti, Somaalee Laandiifi Ripaabiliika Somaaliyaa waliin misoomsuudhaan waliin itti fayyadamuu akka dandeessu imaammaticarratti kan ibsame ta'uu ibsu.

Mootummaan Itoophiyaa gaaffii ulaa galaanaa kana ittikaroorfatee, sanada qopheeffatee, tarsiimoofi imaammata baafatee irratti hojjechaa jiraachuu himanii, Somaalee Laandiin Barbaraa irratti Itoophiyaan ulaa galaanaa hanga sheerii %19tti akka bitattuuf eeyyamuu kaasu. Kana jechuun Itoophiyaan ulaa galaanaa tokko kan argatte ta'uufi kanaan walqabatees hariiroon Itiyoo Jibuuti cimee kan ittifufu ta'uu himu.

Itoophiyaan buufataalee sadiin Jibuutiitti fayyadamaa jirti kan jedhan hayyichi, kaffaltii Jibuutiin tajaajila buufataalee kanneeniifi kaffalchiisaa jirtu qaalii waan ta'eef Itoophiyaan ulaa galaanaa mataashii argachuu qabdi. Itoophiyaan biyyoota ollaashee waliin ulaa galaanaa misoomsitee ittifayyadamuuf imaammata baafatee hojjechaa jirti.

"Filmaanni biraan Itoophiyaan ulaa galaanaa argachuuf qabdu biyyoota ollaarraa lafa ulaa

galaanaaf ittifayyadamtu fudhattee lafa sanaan walmadaalu kennuufi ykn ammoo sheerii Daandii Qilleensaa Itoophiyaa, Telekoomii, Baankii Daldala Itoophiyaarraa akka bitatan taasisuu ni dandeessi. Ulaa galaanaa qabaachuun Itoophiyaan qofa utuu hintaane biyyoota ollaas kan fayyaduudha" jedhu.

Biyyoonni ollaa ulaa galaanaa Itoophiyaaf kennanii sheerii Daandii Qilleensaa Itoophiyaa waggoota 80 oliif tajaajila kennaa jiruufi addunyaarratti maqaa guddaa argachuun carraa guddaa ta'uu eeranii, gaaffii biyyattiin ulaa galaanaa qabaachuuf dhiyeessaa jirtu karaa nagaa, mariifi diippilomaasiitiin deebii argachuu qaba jedhu.

Seerri Galaana Addunyaa ALA bara 1982 ba'e akka ibsutti, biyyi ulaa galaanaa hinqabaanne kamuu karaa biyyoota ulaa galaanaa qabanii mirga ulaa galaanaa fayyadamuu akka qabdu akka eeyyamuufi seericharratti hundaa'uun Itoophiyaan karaa ulaawwan galaanaa Jibuuti, Asab, Mitsiwwaa, Poorti Sudaan, Laamuu, Mombaasaafi Barbaraa darbuuf mirga akka qabdu ibsu. Biyyoonni kunniin gatii tajaajilaa kanfalchiisuun ala dhowwachuu akka hindandeenyes nihimu.

"Ulaa galaanaa dhabuun guddina dinagdee Itoophiyaarratti hanga ta'e miidhaa qabaatus dinagdeenshii ulaa galaanaarratti waan hinhundooftuuf gudduna %10 ol galmeessisaa turteetti. Ulaa galaanaa qabaatte garuu guddinni dinagdeeshee kana caaluu danda'a" jedhu.

"Sirni ittigaafatamummaa..."

hundaa ta'us, kan Ministeera Barnootaa dachaa ta'uun hubatamuu qaba. Kanaa achi rakkoon bara ittaanuu kan baranaa ol caaluu waan danda'uuf hunduu of ilaaluutu furmaata.

Akka isaan jedhanitti, dhimmi qulqullina barnootaa rakkoo gangalataa dhufeedha. Ta'us kaleessa abaaruu qofaan cabiinsa kana maqsuun waan hindanda'anneef har'a waan lafa jiru ilaaluun gaariidha. Osoo qixxa sirriin itti adeemamee qulqullina barnootaa fooyyessuuf waggootni shanan jijjiiramaa asii ga'aa turan. Garuu tarkaanfii bu'aa qabatamaa buusuu hinfudhatamne. Inumaayyuu taateewwan rakkoo qulqullina barnootaa hammeessan daran babal'achaa dhufan.

Fakkeenyaaf, rakkoon nageenyaa akka biyyaatti mudate akkuma seektaroota biroo adeemsa baruufi barsiisuurratti rakkoo guddaa uumeera. Sirna barnootaa jijjiiruun tarkaanfii sirrii ta'us hanqina galtee barnootaafi leenjii ga'aa malee hojiitti hiikuufi seektarii barnootaa ogeessa barnootaatiin hogganamu dhabuun kufaatii mudateef sababoota ceramuu danda'aniidha.

Gama birootiin qormaati biyyaalessaa kutaa 12ffaa bara 2015 barataaf kenname matumtisaa eenyuun, haala kamiifi barataa madaaluufi madaaluu dhabuunsaa qoratamuu qaba jedhanii, hoggansi barnootaa sadarkaa federaalaa hanga

gandaatti jiru gaheesaa sirnaan ba'uufi ba'uu dhiisuusaa ilaaluun barbaachisaa ta'uu ibsaniiru. Ta'us qormaati qofaan dhalootni kufeera jechuun abdi egeree dhalootaa dukkaneessuun dogoggora irraa of qusatamuu qabuudha jedhan.

"Barattootni bara darbe qormaata kutaa 12ffaa fudhatanii qabxii darbiinsaa hinfidne kumni 100 barana 'riimediyaalii' barachuuf yuunivarsiiti akka seenan Ministeerri Barnootaa ibseera. Jechi 'riimediyaalii' jedhu kun kufaatii mudate barataa qofatti waan aguuguuf ittifayyadamuun haqaqabeessa miti. Sababiinsaas kufaatii mudate rakkoo barataa qofa osoo hintaane kan qooda fudhatoota hundaa waan ta'eef' jedhaniiru.

Cabiinsa kana keessaa ba'uuf seektarii barnootaa gaara hanga gadiitti ogeessa barnootaatiin hogganamu, jireenya barsiisotaa fooyyessuu, nageenya waareessuu, galteewwan barnootaa guutuufi sababa kufaatii mudate qorannoon adda baasuun mala dhahuun barbaachisaa ta'uu eeraniru.

Barsiisota tibbana Yuunivarsiiti Finfinneetti pirofeesarummaa guutuu argatan torban keessaa tokko kan ta'an hayyuun barnoota waliigalaa Pirofeesar Hambisaa Qana'aa, rakkoon qulqullina barnootaa kun akka furamuuf gumaacha gamasaanii akka taasisan ibsaniiru.

Naannichi bara...

qofa qusatani %70f haalli liqqi ni mijataaf. Ittifayyadama maashinarootaa dabaluuufis biirichi qonnaan buloota onnachiisuun teknoloojii faana walbarsiisuufi hojii hubannoo cimsuurratti argama.

Naannichatti baay'inniifi fedhiin qonnaan buloota teknoloojii qonnaatti fayyadamani yeroodhaa gara yerootti daran dabalaa

jiraachuus eeranii, keessattuu hojiiilee waggoota afran darbanitti hojjetamaniin teknoloojiiwwan qonnaa babal'achaa jiru jedhaniiru.

Humniifi fedhiin qonnaan bulootaa maashinaroota fayyadamuurratti garaagarummaa qabaatus godinaalee akka Shawaa Bahaa, Arsii, Arsii Lixaafi Baaleetti sadarkaa gaariirratti argama jedhan.

akaakuuwwan garaa garaatin uwwisuu danda'eera jedhanii; kanarraas callaa kuntaala miiliyoona 265.3 ol akka eegamu himaniiru.

Naannichatti akaakuu midhaanii kanaan dura hinbaramne bal'inaan misoomsuun jiruufi jireenya qonnaan bulaafi horsiisee bulaa jijjiiruuf inisheetiiviwwan bocuun hojjetamaa jira. Baranas lafa hektaara miiliyoona tokko olirratti ruuzii misoomsuun callaa kuntaala miiliyoona 44.2 ol argachuuf hojjetamaa jira jedhan.

Akkasumas qamadii bonaa lafa hektaara miiliyoona 2.6 irratti misoomsuun callaa kuntaala miiliyoona 105.8 argachuuf karoorfamee hojiitti galuun hanga ammaattis lafti hektaarii

miiliyoona 1.2 wayita qophaa'uufi lafti hektaarii kuma 500 ol ammoo sanyii qamadii bonaatiin uwwifamuu hubachiisaniiru.

Kurmaanichatti manneen qorichaa moodeela hawaasaa 23 banamuun hawaasaaf tajaajila kennuu eegalaniiru. Weerara dhibee busaa ittisuuf hojii hojjetameen namootni miiliyoona 1.57 akka qoraman taasisuun namoota 608 olirratti dhukkubichi mul'ateera. Saaphanni siree miiliyoona torbaa ol namoota miiliyoona 11 ta'aniif raabsameera.

Namoota qe'eesaaniirraa buqqaa'an deebisuuf mootummaan naannichaa mootummaa naannoo Amaaraa wajjin humna waloo hundeessuun hojjechaa jiraachuu ibsani, hawwasni naannichaa akka tumsu Obbo Hayiluun gaafataniiru.

"Balballi keenya..."